#DEFYHATENOW

# FIELD GUIDE

## Social Media Hate Speech Mitigation
Ethiopia

MODULE 2

SECOND EDITION 2025

https://defyhatenow.org
ethiopia@defyhatenow.org

©2025 r0g_agency for open culture and critical transformation gGmbH Berlin
Yaad-rimee: r0g_agency gGmbH Barliin, Isteefan Koovaats fi Suuzaan Beeliinghaawusen

**Qajeelfama Dirree Arkiteektoota:** Kendi Gikunda fi Blen Gabrahiwoot Dastaa
**Qajeelfama Dirree Barreessitoota + Gulaaltota:** Kaarooliin Paatriik, Keendi Gikunda fi Saaraa Budarz
**Hogganaa Biyyaa Itoophiyaa:** Biruk Mazgebuu
**Qajeelfama Dirree Gorsitoota Gulaalaa Haala Waliigalaa:** Eden Bariihun, Abeeseloom Saamson, Rihoobot Ayyaalew, Maatiyaas Asaffaa fi Yemissiraach Yetnabbark
**Yaad-rimee Tapha Qajeelfama Dirree:** Jodi Rose fi Yemissiraach Yetnabbark
**Dizaayinii fi Haala Qajeelfama Dirree:** Yemissiraach Yetnabbark
**Qajeelfama Dirree Itoophiyaa, A2-Poostaroota fi Dizaayinii Tapha:** Yemissiraach Yetnabbark
**Qajeelfama Dirree Hogganaa Gamaaggama Hiriyaa:** Yibalxaal Assafaa
**Qajeelfama Dirree Gamaaggamtoota Hiriyaa Haala Waliigalaa:** Mohaammad Alii, Hiwoot Ashannaafii, Abeel Yoonaas, Tasfaayee Yimar, Anteenaa Seefuu, Abdurazaaq Nasiroo, Qonjiit Zawudee, Eden Worqaalammaahu, Tamasgeen Biradaa, Asaffaash Katamaa, Saaraa Gazaahegny (MD), Salaam Gabramadihin, Elilltaa Mollaa fi Haannaa Admaasuu
**Field Guide Contextual Translation Reviewers:** Balacha Birbisa Jima_Afan Oromo, Hailemelekot Tadesse_Tigrigna, Tewodros Alemayehu _Amharic
**Hiika:** Salaam Tajaajila Hiikkaa fi Barreessaa Nagaash kan hoogganamu Fiqrasillaassee Yemaanee, Tasammaa Baqqalaa fi Xilaahun Shawaayee

#defyhatenow Qajeelfamni Dirree Haasaa Jibbiinsaa Salphisuu Miidiyaa Hawaasaa Hayyama Idil-addunyaa “Creative Commons Attribution- ShareAlike 4.0” jalatti hayyamameera.

The #defyhatenow initiative to combat social media hate speech by r0g_agency for open culture and critical transformation gGmbH, Berlin, with collaborators in Ethiopia, is funded by the European Union Delegation.

Print ISBN: 978-3-949253-12-6
EBook ISBN: 978-3-949253-13-3

Itoophiyaa, Maxxansa Lammaffaa, 2017

#defyhatenow
https://defyhatenow.org/ethiopia/
https://www.facebook.com/defyhatenowethiopia/
https://www.instagram.com/defyhatenow_ethiopia/

Funded by the European Union



# Seensa Gabaabaa



***Akka nama seenaa himaa fi shaampiyoonaa mirga dijitaalaa, hammatamuu dijitaalaa fi hirmaannaa hariiroo hawaasaa Afrikaatti eenyummaan filannoo, amanamummaa fi hawaasa keenya akkamitti akka bocu Baay'ee nan dinqisiifadha. Miidiyaa, taatota hawaasa siivikii fi dargaggoota waliin hojjechuun eenyummaan akkamitti boonicha, miira ofii fi kaayyoo akka argamsiisu mul'isee jira. Itti yaadanii ykn wallaalummaan yeroo itti fayyadaman haala sirreessuun hin danda'amneen addaan baasuu, of keessaa*** baasuu fi kakaasuu hordofsiisuu ni danda'a.


Yeroo nagaa eenyummaan haala ijaarama hawaasaa kan cimsu yoo ta'u, yeroo waldhabdee ummata tokko adda baasuu fi meeshaa waraanaa gochuuf kan danda'uudha.

Qajeelfamni Adda Baasa Haasaa Jibbiinsaa Miidiyaa Hawaasaa #defyhatenow'n Itoophiyaa addunyaa tasa intarneetii giddu galeessa godhate keessatti waliin jiraachuuf rakkachaa jirtutti fakkaatee mul'ata. Yaad-rimeen eenyummaa fi gaaffiiwwan dubbisuu fi barreessuu odeeffannoo miidiyaa irratti walitti dhufeenya waldhabdee, toora interneetii fi toora interneetiin ala jiru irratti gaaffii dhuunfaa fi siyaasaa gadi fageenyaan kaasu.

Qajeelfamni dirree wantoota xixixqqoo walxaxiinsi kun fidu irraa hin fagaatu. Eenyummaan dhaloota irraa kaasee, karaa maatii, hawaasa, aadaa, amantii, afaanii fi barnoota akkamitti akka uumamu fi kun hundi bara kana keessatti miidiyaa hawaasaa fi interneetiitiin dhiibbaa hin haalamne kan qabun ta'uu isaa qorata. Ogummaa fi nageenya ijaaruu gidduutti walqunnamtiiwwan ni uuma, Miidhaa Koorniyaa irratti bu'uureffate salphisuuf daandii abdii qabu kan banu yoo ta'u gaaffilee fayyaa sammuu waliin walqabatan ni ilaala. Qaamni ijoo mala kanaa qooda fudhattootaa fi qabeenya adda addaa nagaa guddisuuf barbaachisaniif beekamtii kennuu isaati. Qajeelfamni kun hoggantoota hawaasaa (jaarsolii, geggeessitoota amantii, geggeessitoota dargaggootaa) fi dandeettii itti fayyadama miidiyaa fi odeeffannoo haasawa jibbiinsaa, Odeeffannoo sobaa fi kaka'umsa keessumaa addunyaa dijitaalaa har'aa keessatti bakka miidhaa toora interneetii irratti gahu bu'aa jireenya dhugaa qabu keessatti adda baasuuf akka furmaataatti cimsee ibsa.

Dargaggoonni interneetii irratti yeroo kamiyyuu caalaa humna waan qabaniif gaarummaaf itti fayyadamuu qabu. Akka kitaaba qajeelfamaatti ergamtoota jijjiirama marii gaggeessuu fi egeree hunda hammate irra deebi'anii yaaduuf sochao'anii fi dandeettii addaa qaban ta'uu isaanii ibsameera. Aartiin akka aadaa isaatti miidhaa irraa fayyuuf, of ibsuu fi waldhabdee booda gara laafinaaf meeshaa hin cimaa ta'ee jira. Tiyaatira, seenaa himuu, muuziqaa fi aartiin agarsiisa shaakala kalaqaa fi iddoowwan bakka gurgurtaa caalaa itti fayyadamaniidha. Araara buusuu fi hawaasa miidhame deebisanii ijaaruuf meeshaalee barbaachisoodha.

Beekumsi naannoo, itti gaafatamummaan dijitaalaa fi hawaasni jibbaa fi odeeffannoo sobaa irratti dandamachuun #defyhatenow'f dursI akka kennamuuf giddu galeessa ta'aniiru. Qajeelfamni kun haala dubbii fi furmaata qooda fudhattootaa isa gaarii ta'e dhiyeessuudhaan tattaaffii kana guddisa. Warren nageenya ijaaran, barsiisonni, gaazexeessitoonni, artistoonni, qindeessitoonni hawaasaa fi lammiileen 'haqaa' dhimmi ilaallatu qajeelfama kana akka waamichaatti malee akka maanuwaaliitti—gabatee xiinxalaatti, marii fi tarkaanfii hiika qabuutti ilaaluu hin qaban. ■



***Dr Ngala Desmond Ngala, Hojii Gaggeessaa Olaanaa Civic Watch Kaameeruun fi #defyhatenow Hogganaa Pirojektii Biyyaa, Kaameeruun***

# 01

# Eenyummaa



# Eenyummaa Haala Nageenyaa fi Waldhabdee Keessatti Hubachuu



## Qabiyyee


8 Kaayyoo Boqonnaa
9 Seensaa fi Hiikkaa
9 Eenyummaa fi ijaarsa Isaa
13 Eenyummaa fi Waldhabdee
21 Eenyummaa, Ijaarsa Nageenyaa fi Araara


## Kaayyoo Boqonnaa

***Xumura boqonnaa kanaa irratti eenyummaan akkamitti saba, amantii, afaanii fi naannoo wajjin akka walqabatu, namoonni akkamitti akka ofii isaanii fi namoota biroo itti ilaalan ni boccu akkasumas eenyummaan kun haala adda addaa keessatti akkamitti akka jijjiiramu hubachuu ni dandeessu.***

Dabalataanis nagaa fi waldhabdee irratti dhiibbaa akkamii akka qabu ni barattu. Ibsaaleen akka agarsiistuu Eenyummaa Hawaasaa eenyummaan keenya hedduun akkamitti akka wal-irra bu'an kan isinitti agarsiisaniidha. Kanuma waliin, Piraamidiin Jibbaa, loogiin xixiqqoo, kan akka ilaalcha dogoggoraa ykn qoosaa, yoo callifamee dhiifame gara Miidhaatti guddachuu akka danda'u agarsiisa. Nagaa ijaaruu jechuun jal'ina darbeef beekamtii kennuu dhiisuu, seeneffama hunda hammate guddisuu fi mariidhaaf iddoo kennu jechuudha. Humna eenyummaa hubachuu fi loogii dafanii furuun gara araaraa fi nagaa gara fuulduraatiif hojjechuu dandeenya.



## 1. SEENSAA FI HIIKKAA



***Eenyummaan tuuta amala, amantaa fi amala addaa nama ykn garee tokko kan ibsudha. Ilaalcha dhuunfaa fi hawaasummaa kan hammatu fi akkaataa namoonni dhuunfaa ofii isaanii fi namoota biroo itti ilaalan kan agarsiisudha.***

Innis qabiyye namoonnii ittin of ibsaan (qabiyyee Ibsituu) fi qabiyyee namoonnii ittin qaama biroo ibsan (ilaalachaa dhugaa namonnii halaa argama baayolooji keetii ykn hawaasummaa irraa ka'uun qabataniidha) qaba. Innis wantoota aadaa, saba, gosa, amantii, saalaa fi hawaas-dinagdee kan hammatedha.

Eenyummaan amala, walqunnamtii fi caasaa hawaasaa irratti dhiibbaa qaba. Haala Itiyoophiyaa keessatti yeroo baay'ee eenyummaan madda tokkummaa fi qoqqoodinsaa ta'uun, waldhabdee seenaa fi ammaa keessatti gahee olaanaa taphachaa tureera. Boqonnaan kun eenyummaa, haalaa ijaarsa isaa fi gahee inni waldhabdee keessatti qabu irratti xiinxaluudhaan wal hubannoo fi nagaa guddisuuf kan akeekedha.

## 2. EENYUMMAA FI IJAARSA ISAA

***Eenyummaan bal'aa fi gama hedduu kan ilaallamuudha. Namni ykn gareen tokko yeroo tokkotti eenyummaa hedduu of keessaa qabaachuu danda'a. Eenyummaa gara waan tokkotti fiduun salphisuun walxaxiinsa muuxannoo dhala namaa ni salphisa.***

Ijoollummaa keenyatti namoota dafnee garee adda ta'etti ramadna. Eenyu akka qaama garee keenyaa fi eenyu akka nama alaa ta'e ni baranna. Ibsi armaan gadii akkamitti itti yaadnee ykn osoo hin beekin amala "nuti fi isaan" jedhu kan ilaalchaa fi gocha keenya namoota biroo wajjin bocu akka guddifnu taasisa.

- Warri garee maatii keenyaa ta'an ni jiru, kanneen hin taanes jiru.
- Ijoolleen nuti waliin taphannu, ijoolleen nuti waliin hin taphanne ni jiru.
- Namoonni ganda keenyaa fi kanneen gandoota biroo ta'an jiru.
- Namoonni tokko tokko hordofaa amantii keenyaa yoo ta'an, kaan immoo amantii biroo kan hordofaniidha.
- Namoonni beekaa jennee ilaallu jiru, kanneen biroo immoo beekaa akka hin tanee amananna.

***Tarreen kun itti fufa.***

Yeroo hunda gareewwan akkanaa sammuu keenya keessatti ni uumna: nu fi isaan akkasumas namoota biroo.

Amantiiwwan, saboonni, gosoonni, afaanonni hundinuu akkaataa addunyaa kana ittiin ilaalan kana uumuu fi cimsuuf hojjetu. Akkaataan yaaduu kun salphaatti dhufuu kan danda'uudha. Eenyummaa garee ofii jaallachuun sirrii ta'us eenyummaa adda addaa irratti hundaa'uun namoota biroo ofirraa faggeessuun namoota dhuunfaa ykn garee gidduutti waaligaltee dhabuu fi waldhabdee uumuu danda'a. Maalif yoo jennee Sababni isaas namootni nu irraa ykn garee keenya irraa baay'ee adda ta'anii fi faallaa ta'an jiru jennee yoo yaadne haala sirrii hin taaneen keessummeessuuf baay'ee salphaadha.

Garuu oduu gammachiisaatu jira! Eenyummaa ofii keenyaa fi namoota biroo irratti yoo yaadnu garaagarummaa bira darbee waan waloo keenya hubanna. Kana jechuun akkaataa yaada nu-fi-isaan jedhu fudhachuu hin qabnu jechuudha. Irraa caalaa waan waliin qabnu irratti xiyyeeffannee garaagarummaa keenya miidhagina keenyaaf taasisuu ni dandeenya.

**IBSA:** Walfakkeenya keenyaa fi namummaa waliin qabnu irraatti xiyyeeffannoo yoo daballee garaagarummaa jiru dinqisiifachuudhaan nagaadhaan jiraachuu dandeenya.



***Namoota armaan gadii ilaaluun gaaffilee marii armaan gadii irraatti yaada keessaan kaasaa.***

- Nama A: Dubartii Musliimaa, barattuu mahandisaa Sooftiweerii (software engineering) kan gama Olaayiniitiin aktivistii nagaa (online activism) jedhamuun beekamtu, magaalaa daangaa Affaar fi Tigraay gidduu jiraattu.
- Nama B: Barsiisaa Yuunivarsiitii / lecturer/ dhiira afaan Amaaraa, Afaan Oromoo fi afaan Tigiraay dabalatee afaanota jaha sirritti beeku.
- Nama C: Falmataa mirga namoomaa Paan Afrikaa kan magaalaa Dasee Keessaa jiraatu.
- Nama D: Piroofeesara Yuunivarsiitii ka'umsi isaa magaalaa Gaambeellaa ta'ee fi waggaa 15 Harar keessaa jiraate.
- Nama E: Nama magaalaa Fifinnee kutaa magaalaa Qirqoos Keessaatti dhalatee fi guddatee kan Afaan Amaaraa qofa dubbatu.
- Nama F: Finfinnee Kutaa Magaalaa Boolee irraa nama Afaan Amaaraa fi afaan guraagee dubbatu.
- Nama G: Finfinnee Kutaa Magaalaa Yekkaa irraa nama Afaan Oromoo fi Afaan Amaaraa sirriitti beeku.
- Nama H: Dippilomaatii Jibuutii Dirree Dawaa fi Magaalaa Jibuutii gidduu jiraatu.
- Nama I: Baqataa Somaalee waggaa 20f Boolee Madihaani'alamii keessaa jiratee fi afaan Amaaraa muraasa dubbatu.
- Nama J: Nama wallagaatti dhalatee guddate fi naqamtee keessa jiraatu.
- Nama K: Baqataa Lammii Itoophiyaa waggaa 35 booda UK irraa deebi'e.

### QABXIILEE MARII:

- Taatotni amaloota/wantoota waloo akkamii qabu?
- Amaloonni isaan ibsan maali?
- Akkamitti caalaatti of ibsuu danda'u?


**DABALATA:** ***Daqiiqaa 5 fudhachuun waa'ee eenyummaa keetii fi akkamitti hima tokkoon of ibsuu akka dandeessu yaadi; maaliif dursa kennita?***

- Eenyummaan dhaabbataa dha moo jijjiiramaa dha?
- Gaaffiiwwan Si'eessituu: Sabummaan eenyummaa kenname moo eenyummaa filatame dha? Saalli hoo?

## 2.1 Bu'uura Eenyummaa Hawaasummaa

Bu'uuraleen eenyummaa hawaasummaa eenyummaan wantoota walfakkaatoo hedduu akka of keessaa qabu hubachuuf ni gargaaru. Eenyummaa waliin qaban hubachuun hubannoo guddisuu fi waldhabdee hir'isuu danda'a.

Eenyummaa akka waan tokkootti osoo hin taane, akka waan baay'ee irraa ijaarameetti yaaduudhaan, kanneen yeroo baay'ee garee keenya keessaa miti jennee yaadnu dabalatee namoota biroo wajjin wantoota wal nu fakkeessan salphaatti argachuu dandeenya.




*Diyaagiraamiin kun geengoo kutaalee garagaratti qoodame kan qabu yoo ta'u tokkoon tokkoon isaanii haala eenyummaa keenyaa kan bakka bu'anidha. Wantoonni baay'een maddaa eenyummaa keenya akka ta'an beekamaadha, garuu kunniin wantoota waliigalaa keessaa muraasadha.*

*Social Identity Wheel*

### Shaakala

- **Calaqqee Dhuunfaa:** Hirmaattonni saba, amantii, afaan, sadarkaa hawaasummaa, umurii fi saala isaanii hubachuun bu'uuraa Eenyummaa Hawaasummaa ibsanii xummuru.
- **Marii Garee:** Garee xixiqqoo keessatti hirmaattonni wantoota eenyummaa isaaniif baay'ee barbaachisoo eenyuu waajjin akka qooddatanii fi wantoota isaan walfakkeessaan adda baasu.
- **Ibsa:** Eenyummaa waliinii irratti xiyyeeffachuun akkamitti qoqqoodinsa hir'isuu fi nagaa ijaaruu akka danda'amu irratti mari'achuun.e.
- **Haaromsuu:** Eenyummaa yeroo ibsinu maaltu ilaalamuu qaba?



## 2.2 Qabeenya Dabalataa

Eenyummaa, eenyummaa ofii, eenyummaa hawaasaa, aadaa, saba, waldhabdee, waldhabdee dhaloota gidduu, waldhabdee hawaasummaa, eenyummaa akka sabaatti ilaaluu

*Ethnic Identity and Conflict* *Elements of Identity in Conflict* *Culture and Conflict*

# 3. EENYUMMAA FI WALDHABDEE

## Seenaa fi qabiyyee

***Federaalizimiin sab-daneessaa Itoophiyaa bara 1991 kufaatii mootummaa dargiin booda hundeeffame, rakkoo caasaa mootummaa mijaawaa ta'ee fi akka meeshaa adda addummaatti fayyadamuun rakkoo walxaxaa biyyattii Gama Afaanii fi Sabaatiin jiru to'achuu fi haalaa walitti bu'iinsa itti hir'achuu danda'u irraatti kaka'umsa kan uume fakkaata.***

Sirni bulchiinsa kun kan hundaa'e qabsoo siyaasaa waggoota kurnaniif gareewwan sabaan gurmaa'anii hiree ofii ofiin murteeffachuu fi bakka bu'ummaa barbaadan hordofuun ture. Akka seensa Chaartara Ce'umsaa Mootummaa Ce'umsaa Itiyoophiyaa (1991) tti, "hiree ofii ofiin murteeffannaa ummatoota hundaatu qajeeltoowwan jireenya siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa bulchan" [keessaa tokko] ta'a. Diinummaa hunda dhaabuun, madaa (sabummaa) fayyisuu, nagaa fi tasgabbii uumuun barbaachisaa ta'uu isaa cimsee kan ibsuudha.

Bu'a qabeessummaa fi dhiibbaa federaalizimiin sab-daneessaa haala hawaas-siyaasaa Itoophiyaa keessatti qabu ilaalchisee ilaalchi garaa garaa ni jira. Sararri falmii tokko federaalizimiin sabaa fi sablammootaa fedhiiwwan ariifachiisaa saboota adda addaa keessaa muraasa kan akka mirga ofiin of bulchuu, bakka bu'ummaa aadaa fi siyaasaa fi qoqoodiinsaa angoo akka karaa dimokiraasii ta'etti kan ilaalu yoo ta'u kuun immoo federaalizimiin sabaa fi sablammootaa, wantoota biroo caalaa eenyummaa waliinii irratti garaagarummaa jiru garmalee cimsee biyyattii keessatti waldhabdee eenyummaa irratti hundaa'e hammeessa jira jechuun yaada kaasu.

Itoophiyaa har'aa keessatti waldhabdeen sadarkaa namoota gidduu, garee keessatti, garee gidduutti fi sadarkaa idil-addunyaa dabalatee sadarkaa adda addaatti mul'ateera. Dorgommii qabeenya, garaagarummaa ilaalchaa, komii seenaa, madaalliin itti fayyadama aangoo jiraachuu dhabuu fi sodaa gama eenyummaatiin jiru dabalatee wantootni hedduun kana kan kakaasan ta'uu ibsameera.

**DABALATA BARACHUU:** Federaalizimiin sirna mootummaa aangoo giddu galeessaa fi mootummoota naannoo xixiqqaa gidduutti qoodamudha. Federaalizimiin naannoleen qaama biyya guddittii ta'anii dhimma isaanii tokko tokko kan akka murtii barnootaa ykn afaan hojii ilaalchisee kennamu akka bulchan ni hayyama. Mootummoonni federaalaa Arjentiinaa, Kaanaadaa, Jarmanii fi Afrikaa Kibbaa of keessatti qabatu.

## 3.1 Eenyummaa Akka Sabaatti Fudhachuu

Hedduun isaanii federaalizimii sabummaa fudhachuun eenyummaa biyyaalessaa caalaa eenyummaa sabaa irratti xiyyeeffannoo guddaa akka kennu taasiseera jedhu, kunis taatee enyumama akka sabaatti fudhachuu jedhamuun waamamuudha.

***Karaaleen kunneen kan Itoophiyaa keessatti mul'achuu danda'an muraasni kunooti:***

- Dhaloonni dargaggootaa eenyummaa biyyaalessaa isaanii caalaa saba isaaniitiin adda baafamuuf carraan isaanii guddaadha.
- Sabummaan gareewwan siyaasaa fi hawaasummaa tokko tokkoof sababa sochii fi gurmaa'inaa olaanaa ta'eera.



## 3.2 Federaalizimii Sab-daneessaa fi Wal-dhabdee

Federaalizimiin sabaa fi sablammootaa garee xinnaa dhiibaman humneessuu fi walitti bu'iinsa hir'isuuf kan kaayyeffate yoo ta'u karaa hedduudhaan waldhabdeen garee/sabaa gidduutti uumamu akka hammaatu gumaacheera.

***Federaalizimiin sab-daneessaa kallattiinis ta'e al-kallattiin walitti bu'iinsa keessatti akkamitti akka hirmaate kan agarsiisan haalawwan muraasni kunooti.***

- Waldhabdeen eenyummaa irratti hundaa'e kan qoodamiinsa siyaasaa fi hawaasummaa waliin wal-qabate waggoota kurnan darban keessatti hammaatee Miidhaa fi buqqa'iinsa lammiilee Itoophiyaa miliyoonaan lakkaa'aman geessiseera. Ityoophiyaatti namoota biyya keessaa buqqa'an miliyoona 4.4 keessaa walakkaan ol sababa walitti bu'iinsaan qe'ee isaanii gadhiisaniiru.
- Dhaabbileen siyaasaa gurguddoon biyyattii irra caalaan isaanii sabaan kan gurmaa'an yoo ta'u sabummaan siyaasaa baay'ee dabaleera. Qoodinsi kun walshakkii fi jijjiirama waa'ee sabummaa to'annaa ala ta'uu danda'u horateera.
- Hiika sabaa isa jalqabaa irratti hundaa'uun seeneffamni "keessaa" ykn "alaa" jedhu dabalaa dhufeera, kunis bakka hedduutti namoota "qubattoota" gidduutti ykn irratti Miidhaa uumuun, mirga siyaasaa isaanii kan miidhu, dhiibuu, loogii fi yeroo tokko tokko Miidhaa uumuuf sababa ta'eera.
- Sirnichi qabeenya mootummaa sabaa fi sablammootaatiin dorgommii uumuun daangaa naannoo fi qabeenya dinagdee irratti gara waldhabdeetti akka galamuu taasiseera.

**GAAFFADHU:** Karaa biraatiin Federaalizimiin Sab-daneessaa Itoophiyaa keessatti nagaa moo walitti bu'iinsaaf gumaacha qaba? Mana keessatti fi mana barumsaa keessattis ta'e iddoo hojiitti yaadootaa dhuunfaa dabalataa qoodaa.

## 3.3 Waldhabdee Sababa Eenyummaatiin Dhufu

***Eenyummaan sabaa kan agarsiisu miira namni dhuunfaa tokko saba murtaa'e tokko keessaatti qabu yoo ta'u kunis amala waliinii kan akka hambaa aadaa fi seenaa, sabummaa, amantii, afaan ykn bakka jireenyaa teessuma lafaa irratti hundaa'e fa'a.*** Haala Itiyoophiyaa keessatti eenyummaan sabaa leensii jalqabaa qabeenya argachuu, bakka bu'ummaa siyaasaa fi haali hawaasummaa ittiin ilaalamu ta'eera. Xiyyeeffannaan garmalee saba irratti kennamu dorgommii garee gidduutti taasifamu olkaasuu qofa osoo hin taane gochaalee seeraan ala ta'an guddiseera, namoonni dhuunfaa naannoo isaanii keessatti "warroota keessaa/keenya" ykn "warroota alaa/ keenya kan hin taane" jedhamanii ramadamu. Namoonnii tokko tokko waldhabdee sabaatiif sabummaan komatamuu hin danda'u garuu namoota siyaasaa ofi barbaaduu keessatti eenyummaa sabaa siyaasa taasisaniidha jechuun qeequ. Bu'uurri caasaa kun waldhabdee naannoo, falmii daangaa fi gareewwan xixxiqqoon akka ormatti/gandaatti ilaalamuun guddachaa akkaa dhufuuf gummacha qaba.
Waggoota dhihoo darban keessatti Itiyoophiyaan komii eenyummaan walqabatan irraa waldhabdee maddee guddaa keessummeessite jirti. Seenaa irra deebiin hiikuun, dorgommii qabeenya hanqina qabuu fi sochiin siyaasaa Sabummaa irratti hundaa'e waldhabdee daran hammeessee jira. Miidiyaan hawaasaa jiraachuun immoo qoqqoodinsa kana daran cimsee, haasaa jibbiinsaa fi dubbii nama kakaasuu fi waldhabdee akka hammattuuf waltajjii ta'eera.

## 3.4 Osoo hin beekiin nama irraatti ka'uu

***Hawaasni yeroo baay'ee saba, amantii fi aadaa adda addaa irraa ijaarama.*** Yeroo tokko tokko gareewwan kun akka waan wal hin madaalleetti kan haas'amu ni dhagahama. Yeroo baay'ee kunniin sababa seenaa, hambaa koloneeffannaa ykn taateewwan dhiheenya kanaa irraa kan ka'aniidha. Sodaan waldhabdee fiduu danda'a.

Yeroo baayyee wantoota eenyummaa keenya ta'anii fi hawaasa keessatti garee biraatiin xiyyeeffannoo argatan ni beekna. Eenyummaan keenya walqunnamtii tokko- tokkoon akkasumas sadarkaa naannoo fi biyyaatti qormaataaaf kan saaxilamee ykn sodaan akka nutti dhaga'amuu taasisuu kan danda'uudha.



Kanaaf namoota garee keenya keessa jiran jaallachuu malee namoota garee biraa irraa dhufan akka hin jaallanne taanee jirra. Amalli kun loogummaa jedhama, loogii nama tokkoof ykn garee tokkoof raawwatamuudha.

Ogeessi xiin-sammuu beekamaan Gordon Allport, loogiin akka gocha cimaa dabalaa dhufeetti ilaalamuu akka danda'u argisiiseera. Gochoonni kun gocha salphaa nama tokko jaallachuu dhabuu irraa kaasee hanga nama tokko irraa fagaachuu, dhiibuu, miidhaa qaamaa fi duguuggaa sanyii illee ni hammata.

Fakkeenyota duguuggaa sanyii jaarraa 20ffaa keessa raawwataman yoo ilaalle waggoota muraasa keessatti gochoonni loogii gara duguuggaa sanyii akkamitti akka guddatan ni argina. Akkamitti loogiin hammachuu akka danda'u ilaaluun gochoota loogii miidhaa hin qabne fakkaatan akkuma uumamaniin maaliif furuu akka qabnu nu yaadachiisa.


***Waa'ee loogii yeroo yaadnu wantootni yaada keessa galchuu qabnu tokko tokko kanneen armaan gadiiti:***

- Loogiin amala baratamu yoo ta'u barachuu dhiisuun ni danda'ama.
- Malli qabatamaan loogii furuuf gargaaru garee irratti osoo hin taane namoota dhuunfaa irratti xiyyeeffachuu fi waan walfakkaatan barbaaduudha.
- Namoonni waa'ee isaanii ilaalchisee miirri gaarii itti dhaga'amu namoota kaanitti duuluun hin barbaachisu. Hamma gaarummaa fi garraamummaa ofii keenyaaf argisiisuu dandeenyu namoota biroottis argisiisuu ni dandeenya.

## 3.5 Piraamidii Jibbiinsaa

***Piraamidiin Jibbiinsaa amalli gadheen akkamitti jalaa hanga gubbaatti walxaxaa akka deemuu fi akka guddatu agarsiisa.*** Amaloonni sadarkaa tokkoon tokkoon isaanii namoota dhuunfaa fi garee irratti dhiibbaa hamaa kan geessisan ta'us akkuma namni tokko piraamidii ol ba'aa deemuun lubbuu namaa balaadhaaf saaxiluun dabalaa deema.

Akkuma piraamidii sadarkaaleen gubbaa irraa jiran sadarkaa gadiitiin deeggaramu. Namoonni ykn dhaabbileen amala sadarkaa gadii irratti argaman akka fudhatama qabuutti ykn “Baratamaa”tti yoo ilaalan amallii kun sadarkaa itti aanutti caalaatti fudhatama argata.




*Piraamidiin Jibbiinsaa akkamitti miidhaan fi duguuggaan sanyii gochoota amala hamaa kan akka loogii fi doorsisa sadarkaa gadii piraamidii keessatti ibsaman irratti ka’uun akka raawwatamu agarsiisa.*

*Piraamidii Jibbiinsaa*

## Gaaffiiwwan Ilaallamuu Qaban

Hundi keenya hamma tokko gochaalee Piraamidii Jibbiinsaa irratti ibsamaan irraatti hirmaachuu keenya beekuun barbaachisaa dha. ***Gocha keenya darbe irratti amanamummaa guddaa yoo qabannee fi caallatti hojii sireeffamaa hojjechuu dandeenye jibba caallattii mormuun gaarummaa fi nagaa babal’isuu irratti waan fooyyee qabu raawwachuu ni dandeenya.***

- Sadarkaa adda addaatti gochoonni raawwadhe jettee amantu maal fa’adha?
- Isaan bakka buusuuf maal gochuu dandeessa?
  - *Lammata akka isaan hin raawwanne waadaa seenuu ni dandeessaa?*
  - *Nama miite tokko dhiifama gaafachuu ni dandeessaa?*
  - *Nagaa babal’isuu irratti hojjechuuf filannoowwan biroo maal eeruu dandeessa?*
  - *Guddinni kee, aadaan kee fi amantiin kee muuxannoo loogii qabduuf akkamitti gumaacha godhe?*



# 3.6 Itoophiyaa Keessatti Sababoota Waldhabdee Eenyummaa Waliin Walqabatan

- Dorgommiin qabeenya naannoo akkaa Sabaatti taasifamu yeroo baayyee waldhabdeen lafa, bishaanii fi carraa dinagdee irratti akka uumamu taasisa.
- Sabummaa akka meeshaa sochii siyaasaatti too’achuu, hoggantoonni eenyummaa sabaa fayyadamuun deeggarsa walitti qabuu fi aangoo cimsuu.
- Daangaa naannoo irratti waldhabdee irra deddeebi’amee uumamu, naannoleen/hawaasni tokko tokko naannoowwan walmorkii qaban waliin hidhata seenaa ykn aadaa akka qaban waan himaniif.
- Mirga lammummaa sabaa gadi buusuun, naannolee keessatti gosoota ummatoota "angoo qabanii" fi "angoo hin qabne " uumuun, yeroo baayyee ummata baay’ina xiqqaa qaban baay’ee dhiibuu.
- Sababa barruu seenaa wal faallessu barreessuu irraa kan ka’e namootaaf Mammaaksa kennuu, seenaa gosaa fayidaa siyaasa ofiitiif irra deebi’anii bocuu fi irra deebi’anii hiikuu.

**Hubachiisa:** Qorannoon akka agarsiisutti biyyoota sabaan qoqqoodaman keessatti ilaalchi sabummaa lammiileen pOgummaa saba isaaniif akka sagalee kennan kan kakaasu yoo ta’u kunis biyyaa keessaatti komiin sabaa fi carraa waraana akka dabalu taasisa.

## *Qo’annoo dhimmaa: Waldhabdee Eenyummaa irratti Hundaa’e*

K’n baqataa lammii Itoophiyaa UK irraa deebi’e yoo ta’u hiriyyaa isaa durii H daawwachuuf gara Dirree Dawaa imalee osoo mana bunaa naannoo mana jireenyaa H’tti argamutti eegaa jiruu K’n aktivistiin Paan-Afrikaa C waliin wal argan. Haasaan isaaniis akka tasaa imaammata mootummaan UK dhiheenya kana godaantota seeraan alaa gara Ruwaandaatti deebisuuf baasee irratti kan ture yoo ta’u mariin

isaaniis baay'ee hoo'e. K fi C'n ilaalcha faallaa kan qaban yoo ta'u gidduu isaanitti falmii hammachaa deeme.

Piroofeesara yunivarsiitii kan ta'an Dr. D imala hojii gabaabaa gara Dirree Dawaaatti gochaa kan turan yoo ta'u yeroo sanatti mana bunaa sana turan. Falmii kana dhaga'uun Dr. D murtee mootummaa UK kanaaf deeggarsa isaanii ibsan. K'n miiraa aarii keessaa galuun Dr. D xiqqeessuu jalqabe, "Garbicha" (jecha xiqqeessuu) jedhee waamuu jalqabe. Falmiin afaaniin uumame dafee gara walitti bu'iinsa qaamaatti jijjiirame.

H'n bakka sana ga'ee gidduu seenuuf yaale Kan nama gaddisiisu garuu Miidhaa uumame keessatti akka tasaa Dr. D'dhaan miidhaan gaddisisaan irra gahee, H'n miidhaa isaatiin mo'ammee boruumtaa isaa hospitaala keessatti du'e.

### Gaaffilee Marii

- **Sababoota Hundee ta'an**: Wantoonni bu'uraa Waldhabdeen kun akka hammaatu taasisaan maal fa'aa?
- **Dhimmoota**: Eenyummaan, komiin seenaa fi ilaalchi dogoggoraa akkamitti gahee taphate?
- **Dhiibbaa**: Bu'aan battalaa fi yeroo dheeraa taatee kanaa maal ture?
- **Bulchiinsa Waldhabdee**: Osoo K, C ykn Dr. D taatee akkamitti haalichi akka hin hammannee gochuu dandeessa turte?
- **Barnoota Baratame**: Hawaasni gara fuulduraatti walitti bu'iinsa akkasii ittisuuf tooftaalee akkamii fayyadamuu qabu?

**Hubannoo Dabalataaf:** Xiinxalli waldhabdee sirnaa qo'annoo waa'ee sababoota, qooda fudhattootaa fi jijjiiraamuu waldhabdee qorachuudha. Waldhabdeen kamiyyuu yeroo nu mudatu xiinxala waldhabdee sirrii ta'e gaggeessuun maalummaa isaa, sababa isaa, qooda fudhattoota isaa fi kkf osoo hin hubatin gidduu lixuu murteessuuf ariifachuu hin qabnu.



# 4. EENYUMMAA, IJAARSA NAGEENYAA FI ARAARA

## 4.1 Gahee Marii hiika qabeesssa Garee Gidduutti raawwatamu

***Mariin hiika qabu gareewwan gidduutti keessumaa hawaasa amantii, amantaa ykn aadaa adda addaa qaban giddutti taasifamuun dhiphina ykn shakkii umamu hir'isuuf ni gargaara.***

Walqunnamtiin gareewwan gidduutti bu'aa qabeessa ta'ee dhabamuu fi walirraa adda bahuun yeroo baay'ee waldhabdee gareewwan gidduutti uumamuuf gumaacha guddaa kan qaban ta'uun ni beekkama. Haalli kun diinummaa, loogii, haasaa jibbiinsaa fi Miidhaaf kakaasuun akka danda'amu taasisa – kun keessumaa seenaan walsodaa gareewwan gidduutti jiru hammaate yeroo jirutti kan muudatuudha.

**Seenaa bu'uura yaadaa**

Seenaa armaan gadii dubbisaatii daangaa fi dandeettii walgahii marii irratti mari'adhaa.

Haala hawaasummaa addaa waldhabdeen boodaa irraatti gareen dargaggootaa tokko karaa garee nageenyaa isaaniitiin marii hawaasaa qopheessaniiru. Gareen kun bakka bu'oota kutaa hawaasaa tokkoon tokkoon isaanii irraa akka qaama walitti bu'iinsa qabaniitti affeereera. Hirmaattonni affeeraman hundinuu baay'ee waan aaraniif miidhamuu isaanii fi jal'ina jiru ibsuuf mariitti galanii gareewwan kutaa sana keessa jiran biroo irratti himannaa dhiyeessan. Hundi isaanii miidhaa sababa gocha raawwchu fi raawwachuu dhabuu gareen birootiin isaan irra gahe kaasan. Isaan keessaa tokkollee muuxannoo namni akka isanii dabarse dhaggeeffachuuf qophii hin turre. Hirmaattonni guyyaa guutuu osoo wal hin dhaggeeffatin dubbachaa turan. Kutaan kun amala hirmaattota biroo fi itti fayyadama qunnamtii afaanii fi mallattoo/afaaniin ala ta'e/ ta'een hirmaattota jeeqee tura. Guyyaan jalqabaa walgahii marii haala kanaan xumurame.

**Gaaffii:** Mariin sirriin raawwatameera jettanii yaadduu? Yoo hin taane rakkoon maal ture? Lama lamaan ta'uun mari'achuun yaada keessan nuuf qoodaa.

**Mariin dhiphinaa salphisuuf gargaruu ni danda'a.**
Mariin bu'a qabeessa ta'uuf yaada waljijjiirraa fakeenyaaleetiif osoo hin taane yaadaa dhugaa ta'eef bakka kennuu qaba. Garaagarummaa fi waliigaltee dhabuu irrattis bakki itti mari'atamu jiraachuu qaba. Mariin hunda kan hammate ta'uu qaba, hoggantoota aadaa dabalatee sanaa olitti bakka bu'ummaa hawaasaa kan hayyamu ta'uu qaba. Sagalee dubartoota, haadholii warraa, dargaggoota fi hawaasa buqqaatota/ xiqqaa gara fuulduraatti fiduun murteessaadha.

### Marii fi Araara

Bakka marii nageenya qabuu fi hunda hammate uumuudhaan adeemsi araaraaf qindeeffamuu, gara hariiroo deebisanii ijaaruutti, bu'uura waloo hundeessuutti geessuu, jal'inaa fi miidhaawwan darban furuu, gara fuula duraatti mul'ata waliinii akka guddatu taasisuu ni danda'a.

### Gaaffiiwwan Ilaallamuu Qaban

- Marii garee gidduutti taasifamu irratti hirmaattanii beektuu?
- Gareewwan adda addaa walitti fiduudhaan marii hiika qabeessa akkaataa itti nageenya deeggaranii irratti hirmaachuun hangam akka fayyadu tilmaamtanii beektuu?
- Marii garee gidduutti taasifamu irratti bobba'uuf tarkaanfii xiqqaa ati fudhachuu dandeessu maali?
    - *Garee keetiin ala nama biraa tokko qaqqabuun sadarkaa dhuunfaatti jalqabuu dandeessaa?*
    - *Mana barumsaa ykn Waldaa Kiristaanaa/ waldaa naannoo keessan jiru keessatti namoota walitti dhufanii walga'anii haasa'uu danda'anitti sagantaa jalqabuu dandeessaa?*
    - *Yaadota biroo marii banaa guddisuuf gargaaran maal yaaduu dandeessa?*
- Bakka namoonni nagaadhaan, kabajaan, bilisaan itti haasa'an uumuun maaliif barbaachisaa ta'a?



**Eenyuutu Marii Keessatti Hirmaachuu Qaba?**
Qajeelfama bu'uuraa jalqabbii marii kamiyyuu keessaa tokko hunda hammatee ta'uu isaati. Namoonni walitti bu'iinsa irratti bobba'anii fi miidhaman hundi fedhii, galma, dandeettii fi hariiroo isaanii dabalatee (fkn, gareewwan hidhatan, dhaabbilee fi namoota dhuunfaa) waltajjii marii irratti affeeramuu qabu. Taatonni marii keessatti hirmaatan hoggantoota hawaasaa, jaarsolii, abbootii amantii, dubartoota, caasaa mootummaa naannoo, gareewwan hidhatan fi dargaggoota kan hammate ta'uu qaba.

## 4.2 Gahee Hooggantoota Hawaasaa

Gaggeessitoonni hawaasaa fi amantaa jireenya fi amala namoota biroo irratti dhiibbaa uumuuf dandeettii guddaa qabu. Yeroo dubbatan ergaan isaanii dhiibbaa guddaa geessisuu danda'a. Hoggantoonni haasaa jibbiinsaa fi Miidhaa dubbachuu keessatti gahee olaanaa kan qaban kanaafidha.

***Seenaa milkaa'ina: Gahee jaarsoliin waldhabdee sabaa hambisuu keessatti qaban***



Seenaan milkaa'ina Itiyoophiyaa keessatti yeroo dhiyoo as maanguddoonni Gaamoo fi sabaa fi Sablamoota magaalaa Arbaa Miincii keessatti waldhibdee hir'isuun mormitoota waldhabdee sabaa fi sablammoota Buraayyuu Fulbaana 17 bara 2018 A.L.A tti mudateen namoonnii Sabummaan isaanii Gaamoo,

Oromoo fi sabootaa biroo ta'an kudha lama waan ajjeffamaniif Dukkaana/suuqii qabeenyummaan isaanii kan saba oromoo ta'ee barbadeessun haaloo ba'uu barbaadan dhaabsisaniiru. Walitti bu'iinsa kana keessatti namoonnii kumaatan Lakka'amaan magaalaa Buraayyuu naannoo Oromiyaa Itiyoophiyaa magaalaa guddoo Finfinnee irraa xiqqoo fagaattee argamtu irraa buqqa'aniiru. Gareen dargaggootaa Arbaa Miincii, Gaamoo Gofaa, kutaa Lixa Itoophiyaa keessatti argamaan sochii haleellaa iddoo daldalaa/ Suuqii qabeenyummaan isaanii kan saba Oromoo ta'ee fi magalaa Arbaa Miincii keessaatti argamaan irratti xiyyeeffate haaloo ba'uuf tarkaanfii yeroo fudhatan maanguddoonni Gaamoo marga jidhaa/ lallisaa qabatanii lafatti jilbeenfatanii dargaggoonni iddoo daldala/ suuqii qabeenyummaan isaanii kan saba Oromoo ta'e akka hin barbadeessineef kadhachuuf gidduu seenuudhaan maanguddoonni miidhaan akka hin qaqqabne taasisaniiru. Lammiileen Itiyoophiyaa baay'een isaanii oguummaa Jaarsolii gaamoo raajeffachuun namoota baay'eedhaan akka seenaa bu'aa qabeessaatti lakka'ameera. (UNESCO, 2020)

- Ergaa nagaa, wal danda'uu, wal keessummessuu fi wal kabajuu babal'isuu.
- Keessattuu marii guddisuu fi taateewwan waliin jireenya, nageenya ijaaruu keessummeessuudhaan waldhabdee hawaasa gidduu jiru hir'isuuf tarkaanfii fudhachuu.
- Ergaa gaarii toora intarneetii fi gama intarneetii alaatiin tamsaasu. Yeroo danda'ametti ergaawwan nageenyaa qooqaa fi afaanota naannootiin babal'isaa.
- Gabaasa ibsaa fi labsii amantii, hawaasaa fi hoggantootaa sabaa fi aangawoota kakaasuu balaaleffachuu fi/ykn ergaa filannoo qopheessuu dabarsuu fi akkaasumaas namoota hundaa qaqqabsiisuu.
- Dargaggoota hirmaachisuun hir'ina haqummaa, ijaarsaa nageenyaa fi rakkolee karaa nagaa furuuf akka yaalan gochuu.
- Wanti dargaggoonni dubbatan kan nama rifachiisu ykn falmisiisaa yoo ta'e illee komii isaanii dhaggeeffachuu fi furmaata kennuu.
- "Ambaasaaddaroota dargaggootaa" adda baasuun leenjisuun, qooda fudhattoota cimoo fi barsiisota hiriyaa isaanii irraatti hojjetan adda baasuun leenjisuun bu'uura waldhabdee fi miidhaa hamaa sababa waldhabdeen dhuufu hambisuu.



## 4.3 Yaada Imaammataa


- **Barnoota:** Eenyummaa lammiileen Itiyoophiyaa adda addaa fi seenaa waliin qaban irratti hubannoo uumuu.
- **Waltajjiiwwan Marii:** Iddoowwan walqunnamtii fi wal hubannoo gareewwan gidduutti uumuu.
- **Dambii Haasaa Jibbiinsaa:** Seerota haasawa jibbiinsaa fi loogii irratti bahan hojiirra oolchuu fi cimsuu.
- **Teeknoolooji fayyadamuu:** Waldhabdee dafanii adda baasuu fi furuuf meeshaalee dijitaalaa fayyadamuu.
- **Maloota Aadaa Deeggaruu:** Hojimaata aadaa waldhabdee ittiin hiikan cimsuu fi ammayyeessuun.

# 02

# Fayyaa Sammuu fi Miidhaa Yaaluu



# Yaadaawwanii fi Miirawwan Keenya Hubachuu



## Qabiyyee

30 Fayyaa Sammuu Hubachuu
34 Miidhaa hubachuu
35 Gosoota Miidhaa
41 Wantoota Faayyaa fi Nageenya Sammuu Keetiif Barbaachisan
44 Of Kunuunsuu

***Xumura boqonnaa kanaa irratti fayyaan sammuu akkuma fayyaa qaamaa raawwii gara garaatin akka miidhamuu fi haala jireenyaa, miidhaan qaamaa fi haasaa jibbiinsaa dabalatee dhiibbaan fayyaa sammuu irra gahuu akka danda'u ni hubattu. Miidhaan akkamitti yaada, miira, amala fi qaama irratti dhiibbaa akka***

geessisu ni qorattu akkasumas mallattoolee akka yaaddoo, miiraan dadhabuu, duubatti deebi'uu fi irraa fagaachuu adda baasuu ni barattu.

Boqonnaan kun gosoota miidhaan qaamaa adda addaa, kanneen akka saffisaa, yeroo dheeraa, ilaalchan dhufuu fi walxaxaa fi dhiibbaa xiinsammuu dabalatee, keessumaa haala haasaa jibbiinsaa irraa ka'uun dhufu ibsa. Akkasumas meeshaalee/ maloota fayyaa sammuuf gargaaran kanneen akka hafuura dheeraa baafachuu, maashaalee gammachiisuu, tooftaalee bu'uuraa fi shaakala of kunuunsuu wajjin wal nama barsiisa. Dabalataanis boqonnaan kun fayyaa fi dandamachuu dhuunfaa deebisuuf qofa osoo hin taane hawaasa cimaa fi gara laafina qabu guddisuuf barbaachisaa ta'uu isaa cimsee ibsa. Boqonnaan kun Karaa deeggarsa hawaasa irratti hundaa'en, barteewwan aadaa fi barnoota xiinsammuutiin miidhaa yaaluu fi walitti hidhamiinsa hawaasummaa guddisuuf ibsa dhuunfaa fi tarkaanfii waloo ni jajjabeessa.



## 1. KAAYYOO BOQONNAA



***Namni hundi jireenya isaa keessatti yoo xiqqaate miidhaan tokko tokko isaan muudateera.*** Taateen dhiphina ykn nama mufachiisu kamiyyuu miidhaaf kan nama saaxilu yoo ta'u taateewwan dhiphinaa fi nama jeeqan hunda keenya mudataniiru.

Yeroo baayyee jecha miidhaa jedhu yeroo dhageenyu ykn waa'ee fayyaa sammuu yeroo yaadnu, namoota jalqabuma irraa dhimma kanaaf saaxilamoo ta'an ykn kana booda hawaasa keessatti fayyaan jiraachuu hin dandeenye qofa yaadna. Garuu kun fayyaa sammuu irraatti hubannoo baayyee xiqqoo qabaachuu keenya agrsiisa. Akkuma fayyaan qaamaa keenyaa yeroo yeroon jijjiiramu, fayyaan sammuu keenyaas yero yeroon fi wantoota haaraa wajjin ni jijjiirama.

Fayyaa waliigalaa fi nageenya kan qabannuu yoo fayyaa qaamaa fi sammuu qabaanneedha.

Akkuma haalli fayyaa qaamaa jiru haalli fayyaa sammuus jira, dhukkubii irraa bilisa jedhamuuf namni tokko fayyaa qaamaa fi sammuu qabaachuu qaba. Yeroo baay'ee yoo gaddine, miira arii keessaa yoo gallee male miidhaa xixiqqoo hin hubannu. Akkasumas miidhaan jireenyaa baay'ee ulfataa taasisan ni jiru. Yeroo baay'ee fayyaa saammuu fi qaamaa yoo hin qabannee miira of jibbuu keessaa galla.

Osuma dhukkubsannee jirruu hojii deemna. Qaama keenya keessatti dhukkubbiin nutti dhagahama garuu itti fufna. Wanti tokko cabeera garuu yeroo fi qarshii ittin sirreessinu ykn suphinu hin qabnu. Haa ta'u malee kun yeroo baay'ee miidhaa sana hammeessa ykn adeemsi fayyuu harkifataa akka ta'u taasisa. Akkasumas yeroo baay'ee bu'aa miidhaa qaamaa keenya irra ga'e ni dhoksina. Sababa kanaan Miira aarii ykn tuffii ykn gocha komii namoota biroo jalaa bahuuf ni

dhooksina. Hanqina humnaa ykn gadda ni dandamanna. Waa'ee guyyaa keenya yaadna, hojii keenyaa fi waan hojjetamuu qabu hojjenna. Garuu gaaffiin jiru: Miira keenyaa fi miidhaawwan darban irratti mari'achuuf hammaam heeyyamamoodha? Fayyaa sammuu keenya haala gaariin osoo kunuunsinee ofii keenyaa fi hawaasa keenyaaf gammachuu fi nagaa hammam fiduu dandeenya? Madda aarii fi gadda keenyaaf furmaata yoo kenninee jireenyi hammam nagaa ta'uu danda'a?

Boqonnaan kun fayyaa sammuu fi miidhaan qaamaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u karaalee qabatamaa fayyaa fi nageenya fooyya'aa argachuuf gargaaran irratti ibsa kenna. Qajeelfammni dirree hojii kun nama kamiyyuu akka itti fayyadamuuf kan qophaa'edha. Dubbisaa! Waan barattan waliif qoodaa. Dandeettii dandamachuu keenya guddisuu fi jireenya keenyaa fi hawaasa keenya keessatti gammachuu fi nagaa dabalataa fiduuf haa hojjennu.

## 2. FAYYAA SAMMUU HUBACHUU

**Fayyaan sammuu** haala hojii sammuu milkaa'aa ta'ee fi bu'aan isaa sochii oomishaa, hariiroo namoota biroo wajjin jiru guutuu, dandeettii jijjiirama wajjin walsimatuu fi rakkina dandamachuu danda'uudha. Nageenya dhuunfaa, hariiroo maatii fi namoota gidduu akkasumas gumaacha ummataa ykn hawaasaaf taasifamuuf baay'ee barbaachisaa dha.

**Rakkoon sammuu** haalawwan fayyaa jijjiirama yaada, miira ykn amala (ykn laman, sadan isaanii) ibsamu yoo ta'u kunis dhiphina fi/ykn hojii dhabuu wajjin kan walqabatu ta'ee namaa hedduu irraa rakkooleen qaama miidhamummaa, dhukkubbii/ maraachuu ykn du'a dabalatee gahuu akkaa danda'u taasisa.

**Dhukkubni sammuu** jecha akka waliigalattii Miidhaa sammuu yaalamuu danda'u hunda agarsiisudha.



**Isaan kun baay'ee xiqqoo miti:** Namoota baay'een jireenya isaanii keessatti yeroo tokkotti rakkooleen fayyaa sammuu isaan ni mudata. Isaanis bifa adda addaa qabu: Dhukkuboonni sammuu gosa adda addaa kan akka dhiphina sammuu, Miidhaa, yaaddoo, baay'ee dhiphachuu fi kanneen biroos kan jiran yoo ta'u tokkoon tokkoon isaanii mallattoo mataa isaanii qabu.

**Jireenya guyyaa guyyaa irratti dhiibbaa guddaa geessisuu danda'u:** Dhukkuboonni sammuu sochii guyyaa guyyaa raawwachuu, hariiroo eeguu fi hawaasa keessatti guutummaatti hirmaachuu irraatti dhiibbaa geessisuu danda'u. Muudannoowwan akka haasaa jibbiinsaa fi loogii hawaasummaaf saaxilamuu dhiibbaa kana hammeessuu danda'u.

**Gargaarsa barbaaduun murteessaadha:** Akkuma haala fayyaa kamiyyuu, ogeessota eegumsa fayyaa ykn qabeenya hawaasaa amanamaa irraa deeggarsa barbaaduun mallattoo ciminaa fi tarkaanfii barbaachisaa gara fayyinaatti geessudha.

**Fayyuun ni danda'ama:** Kunuunsa, deeggarsa fi hubannoo sirrii yoo argatan namoonni dhuunfaa dhukkuba sammuu wajjin jiraatan fayyaa isaanii irratti fooyya'iinsa guddaa argachuu fi jireenya gammachiisaa jiraachuu danda'u.

**Ofirra dhiibuun gargaarsaa barbaaduu dhorkuu danda'a:** Ilaalchi fi amantaan badaan waa'ee dhukkuba sammuu irratti qaban namoonnii qabsoo faayina argachuuf taasisaan akka dhoksanii fi gargaarsa barbaaduuf akka qaana'an gochuu danda'u. Akka hoggantoota hawaasaa fi barsiisotaatti sodaa kana balleessuu fi haala deggersaaf banaa ta'e horachuuf itti gaafatamummaa qabna.

Haasaan jibbiinsaa dhiibbaa xiinsammuu hamaa qabaachuu danda'a. Wantoota akka gosa arrabsoo ofitti amanamummaa gadi buusu, dhiphina miiraa fiduu fi miidhaan qaamaa irra ga'uu danda'u qaqqabsiisuu danda'a. Yeroo baay'ee miidhamtoota gaddi, dhukkubbiin, salphinni fi dhiibamuun isaan mudata. Yeroo dheeraaf saaxilamuun dhimmoota fayyaa sammuu kan akka yaaddoo,

dhiphina sammuu fi waa'ee miidhaa nurra gahee dhiphachuu fiduu danda'a. Akkuma ogeeyyiin xiin-sammuu amananitti haasaan jibbiinsaas miira namootaa fi akkaataa namoota birootiif deebii itti kennan jijjiiruu danda'a. Innis bu'uura hubannoo namoota dhuunfaa irratti dhiibbaa kan uumu yoo ta'u amantaa fi amala miidhaa geessisu bocuu danda'a. Haasaan jibbiinsaa adda durummaan karaa miidiyaatiin yeroo bal'inaan babal'atu gara waldhabdee garee, loogii fi Miidhaatti guddachuu danda'a, kunis namoota dhuunfaa fi hawaasa irratti miidhaa guddaa geessisuu danda'a.

## 2.1 Yaada Jallisuu/waan yaadameef irraa maqsuu

Yeroo baay'ee keessumaa yeroo waldhabdee fi isa boodaa haasan jibbiinsaa yoo babala'ate yaadni keenya maquu danda'a. Akkaataawwan kana hubachuun keenya raawwii keenya hubachuu fi karaa fayya qabeessa ta'een yaaduu akka jalqabnuuf nu gargaaruu danda'a. Haalootni yaada faallaa beekamoo ta'an muraasni kanneen armaan gadiiti:

| HAALAA YAADOOTA FAALLAAN HUBACHUU | IBSA | FAKKEENYA (DUBBII JIBBIINSAA HAMMATU) | YAADA FILANNOO |
|---|---|---|---|
| **HUNDAA AKKA TOKKO ILAALUU** | Wanta tokko ykn muuraasa irraatti hundaa'uun ilaalchaa badaa bal'aa qabaachuu | "Oduu waa'ee garee tokko keessaa namni tokko yakkaa hojjechuu isaan gabaasuu nan arge. Hundi isaanii yakkamtootadha." | "Kun taatee adda baafame tokko ture. Garee sana keessa namni hundi amala walfakkaatu qaba jedhanii fudhachuun haqa qabeessaa fi sirrii miti. Namoonni namoota dhuunfaa gochaa fi amantaa adda addaa qabanidha." |
| **KAALLATTIN YAADA GUDUUNFAA KENNUU (SAMMUU NAMAA DUBBISUU)** | Namoonni wanta yaadan akka bektutti tilmaamuu keessumaayyuu ragaa gahaa malee ilaalchi namootaa badaa ta'etti yaaduu | "Akkasitti na ilaalaa kan jiran sababii namoota akka kootii jibbaniifidha" | "Sababa guutumatti adda ta'eef na ilaaluu danda'u. Yaada isaanii hin beeku akkasumaas waan hamaa yaaduun faayidaa hin qabu." |
| **YAADAA KALLATTII TOKKOTTI FUDHACHUU (YAADAA HAALLUU GURRAACHAA FI ADII)** | Namootaa fi wantoota haala gadi fagoo ta'een yaaduu | "Ati nu waajjin ta'uu ykn faallaa keenya ta'uu qabda, waa'ee garee garee kana wantan ani jedhu hundaa yoo hin fudhatiin, isaan gargaaruu qabda " | "Addunyaan walxaxaa dha, namoonni ilaalchaa fi sadarkaa waliigaltee ykn waliigaltee dhabuu adda addaa qabaachuu danda'u. Ilaalcha adda addaa guutummaatti osoo hin deeggarin hubachuun ni danda'ama." |
| **RAMADDII** | Odeeffannoo daangeffame ykn ilaalcha dogoggoraa irratti hundaa'uun namoota dhuunfaa ykn garee guutuuf maqaa murtaa'e, hamaa ta'e kennuu. | "Hundii isaanii akkasi [ramaddii tuffachuu]" | "Ramaddiin akkasii namummaa dhuunfaa fi garaagarummaa garee sana keessa jiru tuffachuun garmalee salphisuudha. Namoonni ramaddii kamiiyyuu irraa ni caalu." |
| **MIIRAAN SABABEESSUU** | Sababa qabatamaa osoo hin qabaatin miirri hamaan keenya haala wantootaa kan ibsuu ta'uu hubachuu | "Garee kanaaf miirri jibbiinsaa natti dhagahameera, kanaaf namoota jibbisiisoo ta'uu qabu." | "Miirri koo sirrii dha, garuu dhugaa ta'uu baachuu danda'uu. Ragaa qorachuu fi miirri koo hubannoo namoota biroo irratti qabu akka murteessu gochuu dhiisuun barbaachisaa dha." |

# 3. MIIDHAA HUBACHUU

***Something is broken, but we don't have the time or money to fix it. However, this often only exacerbates the injury or delays the healing process.*** We also usually hide the effects of trauma, even from ourselves. We ignore the sense of anger or irritation, or blame others' actions for it. We overlook the lack of energy or sadness. We go about our days, working and doing what needs to be done.

But the question is: How much better would we feel if we were open to discussing our emotions and past traumas? How much more joy and peace could we bring to ourselves and our communities if we took better care of our mental health? How much more peaceful could life be if we addressed the source of our anger and sadness?

This chapter focuses on mental health and trauma, discussing practical ways to achieve improved health and well-being. This material is designed for use by anyone. Read it. Share what you learn. Let us work towards increasing our resilience and bringing more joy and peace into our lives and those in our community.

## 3.1 Miidhaa Jechuun Maali?

Akka Waldaan Xiin-sammuu Ameerikaa (APA)[1] jedhutti miidhaa (trauma) jechuun — taatee suukaneessaa akka balaa, gudeeddii ykn balaa uumamaa tokkoof deebii miiraa kennuudha. Haa ta'u malee namni kamiyyuu sababa taatee sodaachisaa ykn miidhaa isaa muudatu kamifiyyuu miidhaan miiraa ykn qaamaa irra ga'uu ni danda'a. Miidhaan taatee, taateewwan walduraa duubaan raawwataman ykn tuuta haalawwan namni dhuunfaa tokko qaama ykn miiraan miidhaa ykn sodaachisaa ta'ee isa mudatu irraa kan maddu yoo ta'u kunis hojii nama dhuunfaa sanaa fi fayyaa sammuu, qaamaa, hawaasummaa, miiraa ykn hafuuraa irratti dhiibbaa hamaa qabaachuu danda'a. Miidhaan (trauma) qormaata fayyaa bal'aa gareewwan



seenaa hunda keessatti mul'atuun kan walqabatu yoo ta'u namoota dhuunfaa, maatii fi hawaasa irratti dhiibbaa fagoo qabaachuu danda'a.

Miidhaan (Trauma) fayyaa nama tokkoo irratti dhiibbaa yeroo dheeraa fiduu danda'a. Mallattoon dhukkuba kanaa itti fufuu danda'a, hammi isaas hin hir'atu.

## 3.2 Gosoota Miidhaa (Trauma)

Gosoota miidhaan adda addaa hubachuun dhiibbaa haasaan jibbiinsaa sirritti adda baasuu fi deebii kennuudhaaf nu gargaaruu danda'a.

**Miidhaa Saffisaa:** Kun taatee tokko ykn tasa nama gaddisiisu irraa kan maddudha. Haala haasaa jibbiinsaa keessatti, kun taatee kallattiin, dubbii hamoo fayyaadamuu, doorsisa ykn basaasa toora intarneetii ta'uu danda'a. Dhiibbaan inni geessisu battalumatti fi baay'ee guddaa ta'uu danda'a.
**Fakkeenya:** Haleellaa jechaa tasa darbatamu, hamaa fi aggaammiin jibbaan guutame hawaasa keessatti muudachuu.

**Miidhaa Yeroo Dheeraa:** Kun kan uumamu taateewwan dhiphina ykn miidhaa geessissoo ta'aniif Haasaa jibbiinsaa toora intarneetii irratti miidhaa itti fufiinsa qabu geessisuuf, hawaasa tokko keessatti gocha loogii yeroo maraa raawwatamuuf ykn naannoo haasaan jibbiinsaa idilee ta'ee fi yeroo baay'ee itti mul'atu keessa jiraachuu dabalateee irra deddeebiin ykn yeroo dheeraaf saaxilamuunidha.
**Fakkeenya:** Yeroo dheeraaf ergaa fi doorsisa jibbisiisoo toora intarneetii irratti yeroo hunda argachuu.

**Miidhaa Sadarkaa lammaffaa:** jechuun akkumaa maqaan isaa ibsuu miidhaa gaddisiisaa namoota dhuunfaa birootiif namoonnii biroo saaxilamuudha. Haallii haasaa jibbiinsaa akkanaa kun namoota seenaa miidhamtootaa dhaggeeffatan, jibba toora intarneetii irratti dhugaa ba'an ykn dhiibbaa isaa furuuf hojjetan (akka hoggantoota hawaasaa fi barsiisota) irratti dhiibbaa uumuu danda'a. Miiraan dadhabsiisuu fi

ilaalcha addunyaaf qaban irratti jijjiirama fiduu danda'a.
**Fakkeenya:** Hogganaan hawaasaa yeroo hunda seenaa jibbiinsaa miseensota hawaasaa irratti dhiibbaa geessisu fi nama dhiphisu dhaga'u.

**Miidhaa Walxaxaa (C-PTSD):** Gosti miidhaan kun yeroo dheeraa fi adda addaatiif miidhaa namoota gidduutti uumamu irraa kan maddu yoo ta'u yeroo baay'ee ijoollummaa keessatti ykn hariiroo dhiyoo keessatti kan uumamudha. Yeroo hunda kallattiin haasaa jibbiinsaa tokkoon kan hin uumamne ta'us yeroo dheeraaf jibbaa fi loogiidhaaf saaxilamuun mallattoolee miidhaa walxaxaa ta'an gumaachuu ykn hammeessuu danda'a. To'annoo miiraa, of ilaaluu fi hariiroo irratti dhiibbaa uumuu danda'a.
**Fakkeenya:** Nama dhuunfaa saba isaa irratti hundaa'uun waggootaaf loogii irraatti raawwatanii fi gadaantummaan isa mudate, taateewwan addaa haasawa jibbiinsaa cimsuu danda'an.

## 3.3 Ibsa Miidhaa Haasawa Jibbiinsaa Waliin Walqabatu

Akka gosa miidhaa tokkootti Haasaa jibbiinsaaf saaxilamuun haala jireenya nama tokkoo irraatti karaa adda addaatiin dhiibbaa qabachuu danda'a. Yoo dhimma kana furuuf hojjechaa jirra ta'e Mallattoolee kanneen namoota dhuunfaa, hawaasa fi ofii keenya irraas adda baasuun barbaachisaa dha.

| IBSA MIIRAA: | IBSA HUBANNOO (YAADA FI YAADANNOO): |
|---|---|
| **Miira Cimaa fi Jijjiiramaa:** Miira cimaa kan akka sodaa, aarii, gadda, salphina, balleessuummaan namatti dhaga'amu fi gargaarsa dhabuun saffisaan jijjiiramu danda'u mudachuu. | **Yaadotaa fi Yaadannoowwan Seensa:** Yaadota ykn fakkiiwwan hin barbaadachisnee fi nama dhiphisaan kanneen haasaa jibbiinsaa wajjin walqabatan kan sammuu namaa keessaa irraa deddeebiin naanna'aan. |
| **Yaaddoo fi dhiphina:** Tasgabbii dhabuu, rifachuu fi sodaa itti fufiinsa qabu, yeroo baay'ee nageenya ykn balaa gara fuulduraatti dhufu irratti kan xiyyeeffatu. | **Abjuu hiikuu:** Abjuun taateewwan Miidhaa ykn mata dureewwan nama gaddisiisan irra deebi'anii arguudha. |
| **Laamsha'uu ykn Addaan qoodamuu Miiraa:** yaadaan fagaachuu, namoota kaan wajjin walitti dhufeenya uumuu akka hin dandeenye itti dhagahamuu fi miirrii akkasiii hir'achuu. Kana gochuun akka mala ittisaatti fudhatamuu danda'a. | **Yaaddoo irraa deebii:** Taatee gaddisiisaan akka waan yeroo ammaa kana keessatti deebi'ee ta'aa jiruutti itti dhaga'amuu (miira ykn waan itti dhagahamu ta'uu danda'a). |
| **Aarii fi Miidhaa:** Salphumatti mufachuu, aarii gabaabaa ykn boqonnaa dhabuu. | **Rakkoo xiyyeeffachuu fi yaada sassaabuu dhabuu:** yaadachuu ykn murtoo kennuu irraatti rakkinni Xiyyeeffannoo kennuu dhabuu nama mudachuu. |
| **Abdii dhabuu fi abdii kutannaa:** Gara fuulduraa ilaalchisee ilaalcha gadhee, wantoonni gonkumaa akka hin fooyyofnetti yaaduu. | **Ofitti Amanuu bu'aa hin qabne:** Waa'ee ofii yaada dhabeessa ta'e kanneen akka nama gatii hin qabneetti of yaaduu, akka waan miidhaan irraa gahee fi badii qabuuttii yaaduu. |
| **Rakkoo Miira To'achuu:** Haallii tokko siirri ta'uu dhabuu isaatiif raawwii cimaa miiraan gaggeessffame raawwachuu | **Yaada Jal'aa:** Sababa miidhaa nurraa gaheen waa'ee ofii keenyaa, namoota biroo ykn addunyaa irraatti ilaalcha miidhaa geessisu ykn sirrii hin taane qabachuu. |
| | **Garmalee of eeggannoo gochuu:** Yeroo hunda akka waan of eeggannoo hin qabneetti yaaduu, naannoo balaa sakatta'uu fi salphaatti rifachuu.. |

| IBSA AMALA (GOCHAA FI MORMII GOCHAA): | IBSA QAAMAA: |
|---|---|
| **Irraa Fagaachuu:** Bakka, namoota ykn haalawwan yaadannoo haasaa jibbiinsaa ykn miira tasgabbii dhabuu kakaasan irraa fagaachuu (kun iddoowwan toora intarneetii ni dabalata). | **Dadhabbii fi Humna Xiqqoo:** Boqonnaa gahaa yoo qabaataniis yeroo hunda dadhabbiin namatti dhagahamuu. |
| **Hawaasa irraa fagaachuu:** Hiriyyoota, maatii fi sochii hawaasaa irraa adda of baasuu. | **Dhiphina Maashaalee fi Dhukkubbii:** Dhukkubbiin jabaachuu ykn dhukkubbiin adda baasuuf raakkisaa ta'e qaama keessatti mudachuu. |
| **Jijjiirama Hirribaa fi Akkaataa Nyaataa:** Rafuuf rakkachuu (hirriba dhabuu, abjuu arguu) ykn jijjiirama fedhii nyaataa (baay'ee ykn xiqqaa nyaachuu). | **Dhukkubbii Mataa fi Garaa:** Yeroo baayyee mataa dhukkubbii, rakkoo bullaa'uu dhabuu nyaataa ykn mallattoolee qaamaa dhiphina waliin walqabatan biroo qabachuu. |

| | |
|---|---|
| **Fayyadama Wantootaa Dabaluu:** Miira rakkisaa ta'e dandamachuuf alkoolii, tamboo ykn wantoota biroo faayyadamuu baay'isuu. | **Dha'annaan Onnee fi Dafqi dabaluu:** Mallattoo qaamaa sodaa ykn rifachuu. |
| **Aarii Garmalee:** Aarii to'achuuf rakkachuu, arrabsoon afaanii ykn waldhabdeen qaamaa jiraachuu | **Jijjiiramni dhukkuba damdabchuu dhabuu umaamuu/immune function/:** Dhukkubaaf saaxilamuu. |
| **Of Miidhuu:** Dhukkubbii miiraa cimaa ta'e dandamachuuf jecha amala itti yaadanii ofirratti miidhaa geessisan irratti bobba'uu. | |
| **Amaloota miidhoo fi hamoo ta'an horachuu:** Bu'aa dhufuu danda'u osoo hin ilaalin dalagaawwan irratti bobba'uu. | |

## Shaakala Of-ilaaluu: Dhiibbaa Miidhaa Hubachuu

### Shaakala 1: Miidhaawwan Hubamaa

- Taateewwan rakkisoo ykn dhiphinni itti fufiinsa qabu ofirrattis ta'e namoota kaan irratti dhiibbaa akka geessisu hubatteettaa?

### Shaakala 2: Mallattoolee Miidhaa adda baasuu

- Yeroo dhiphina booda wantoota mudatan ykn mul'ataan armaan gadii irratti xiinxala kenni:
  - *Miira cimaa/jijjiiramaa, yaaddoo, addaan bahuu, aarii, abdii kutachuu.*
  - *Yaada/yaadannoo nama mufachiisu, abjuu badaa, dhimma xiyyeeffannoo, miiraa ofii irraatti ilaacha gadhee qabaachuu, miraa dhiphinaa*
  - *Wantoota irraa fagaachuu, hawaasa irraa fagaachuu, hirriba/nyaata jijjiiruu, aarii dabaluu*
  - *Dhukkubbii itti fufiinsa qabu, dadhabbii, dhahannaa onnee*

***Hubachiisa: Isaan kun kan dhuunfaatti xiinxaluuf kan qophaa'anidha.***

***Yoo barbaadaan deeggarsa gaafadhaa***



## 3.4 Maaliif miidhaa irraa fayyuu nu barbaachisaa?

**Qulqullina Jireenyaa Gadi Bu'aa:** Miidhaan furmaata hin arganne dhiphina miiraa, yaaddoo, dhiphina sammuu fi rakkoowwan fayyaa sammuu biroo itti fufiinsaan fiduu waan danda'uuf jireenya keessatti gammachuu fi itti quufinsa argachuun rakkisaa ta'a.

**Hariiroo Gadhee:** Miidhaan dandeettii wal amantaa, walitti dhufeenya fayya qabeessa uumuu fi haasaa bu'aa qabeessa ta'uu umuu irratti dhiibbaa uumuu danda'a, kunis hariiroo dhuunfaa fi ogummaa irratti rakkoon nutti fida.

**Dhimma Fayyaa Qaamaa:** Dhiphinni yeroo dheeraa miidhaa hin yaalamne irraa dhufu dhukkubbii yeroo dheeraa, dadhabbii, dhibee bullaa'uu dhabuu nyaataa fi sirni ittisa qaamaa /immune system/ akka laafuu taasisuu dabalatee rakkoolee fayyaa qaamaa adda addaa fiduu danda'a.

**Hojiin Guyyaa Guyyaa jeeqamuu:** Miidhaan bakka adda addaatti xiyyeeffannaa, yaadachuu, murtoo kennuu fi oomishtummaa waliigalaa irraatti dhiibbaa fiduu danda'a. Kunis sochilee guyyaa guyyaa, mana barumsaa fi hojii gara garaa irraatti dhibbaa ummamu ni dabalata.

**Balaa baay'ee hamoo ta'e iddoo gara garaa irraa ilaalanii carraan raawwachuu dabaluu:** Namoonni dhuunfaa miira cimaa miidhaa wajjin walqabatu to'achuuf tooftaalee fayya-dhabeessa ta'an kan akka qoricha sammuu hadoochu fayyadamuu, of miidhuu ykn amala badaa barachuutti garagaluu danda'u.

**Marsaa Miidhaa:** Miidhaan yaala hin arganne yeroo tokko tokko hariiroo keessatti haalawwan miidhaa geessisan irra deddeebi'uu ykn osoo hin yaadin namoota biroo irratti miidhaa geessisuu danda'a.

**Guddini Dhuunfaa Gufachuu:** Miidhaan wantoota yeroo darbe keessatti raawwataaman irraatti miira uumuun, namoonni dhuunfaa yeroo ammaa guutummaatti akka hin sochoonee fi guddina dhuunfaa isaanii akka hin tarkaanfanne gochuu danda'a.

**Dandamachuu Hir'isuu:** Miidhaa irraa fayyuun dandamachuu ijaaruuf gargaara, kunis dhiphinaa fi qormaata gara fuula duraa haala fayya qabeessa ta'een dandamachuuf meeshaa gaarii akka qabaannu nu taasisa.

**Humneessuu fi Bakka Bu'aa:** Fayyisuun namoonni dhuunfaa erga miidhaan irra ga'ee booda jireenya isaanii fi seeneffama isaanii akka deebi'anii to'atan humna kennuu danda'a.

**Hawaasa Cimaa:** Namoonni dhuunfaa miidhaa isaan mudate irraa yeroo fayyan, hawaasa isaaniif gumaacha gaarii gochuu danda'u, kunis gara laafina, hubannoo fi walqunnamtii hawaasummaa fayya qabeessa ta'e guddisuu danda'a, kunis haasaa jibbiinsaa salphisuuf baay'ee murteessaadha.

## Qo'annoo Haala Giddugaleessaa Bal'aa

**Seenaa:**

Magaalaan Harmonyville keessatti haasawa jibbiinsaa fi loogiin saba Zeemaa irratti xiyyeeffate dabalaa dhufe, qabiyyeen toora intarneetii irraatti gadi lakkifamuun kan cime yoo ta'u akkasumas rakkoon jireenya akka qaqqabu taasiseera.

- **Ayishaa (Zeemaa):** Toora intarneetiitiin kan xiyyeeffatamte, amma yaaddoo keessa kan jirtu, abjuu halkanii kan argitu, taateewwan hawaasaa irraa kan fagaatte yoo ta'u, "Gonkumaa nageenya hin qabnu" jettee yaaddi.
- **Obbo Geetaachoo (Jaarsa):** Giddu-galeessa ta'uuf yaaluun, seenaa dhiphisaa hedduu erga dhaga'ee booda humna isaatii ol ta'ee, aarii keessa galuun, bu'aa homaatuu fiduu akka hin dandeenye yaada
- **Solomoon (Irra Caalaa):** Dubbii jibbinsaa toora intarneetii irratti gadi lakkisa, sabnii Zeemaa "rakkina kan uumaniidha" jedhee maqaa sabaa xurreessa, isaan irraa fagaata, isaan irratti miiraa aarii fi wantichi sirrii ta'uu amanuu qaba.
- **Giddugala Hawaasaa:** Hirmaannaan, keessattuu kan Saba Zeemaa irraa gadi bu'e akkasumas, waldhabdeen ni babal'ate.

## Gaaffiiwwan Marii:

**Dhiibbaa Namoota Dhuunfaa Irratti Qabu:**

- *Miidhaa Ayishaa mudachuu danda'u ibsi, fakkeenya tokko kan miira, hubannoo fi amala ibsu kenni.*
- *Obbo Geetaachoo miidhaa gosa akkamiitu isa mudachuu danda'a, mallattoowwamn isaa lamaan maali?*
- *Haasaan jibbiinsaa Solomoon irratti dhiibbaa yaadaa akkamitti geessisuu danda'a?*

**Rakkoo Hubachuu:**

- *Fakkeenya yaada jallaa Ayishaan qabaachuu dandeessu keessaa tokko maali?*
- *Haasaan jibbiinsaa hawaasa Harmonyville irraatti dhiibbaa waliigalaa akkamii geessisaa jira?*

**Moving Towards Healing:**

- *Ayishaan wantoota ishii muudataan irratti xiyyeeffachuun barbaachisaa kan ta'e maaliifi?*
- *Tooftaa of-too'achuu salphaa Obbo Geetaachoon itti fayyadamuu danda'an tokko ibsi.*
- *Harmonyville qoqqoodinsa kana furuu fi fayyina guddisuuf Tarkaanfiin hawaasaa jalqabaa fudhachuu danda'u keessaa tokko maali?*




## 4.WANTOOTA FAAYYAA FI NAGEENYA SAMMUU KEETIIF BARBAACHISAN

***Miidhaa jechuun taatee dhiphisaa ykn Miidhaa dandeettii namni dhuunfaa tokko dandamachuu danda'uu ol ta'eef deebii miiraa kennuudhaan yeroo baay'ee madaa xiinsammuutiif sababa kan ta'uudha.*** Rakkoon haalawwan jireenyaa qormaata ta'an kan akka wantoota nama gaddisiisan, hiyyummaa, dhiphina yeroo dheeraa fi waldhabdee dabalchuu danda'a. Waldhabdeen qabsoo ykn walitti bu'iinsa humnoota faallaa gidduutti uumamu lola jedhamee hiikamuu danda'a.

Taateewwan akka waraanaa erga muudatanii booda amaloota akka haasa'uu dhiisuu, bakka tokko tokko irraa fagaachuu ykn adda of baasuu horachuun miira humnaa ol ta'e keessummeessuuf ni dirqamna. Kana gochuun kenyaa nageenyi akka nutti dhaga'amuu gochuu danda'a, garuu rakkoo yeroo dheeraa fiduu danda'a. Haa ta'u malee yaadoo fi miira akkanaa suuta suutaan waldhaanuu fi nageenya buusuun fayyinaaf nama gargaraa. Isaan kunneen karaa armaan gadiitiin isin muudachuu danda'a:

- **Irraatti mari'achuu:** Seenaa kee naannoo si deeggaru keessatti namootaaf qooduun irratti mari'achuu.
- **Suuta Suutaan Sodaan Muudachuu:** Suuta suutaan bakka ykn haalawwan irraa fagaataniitti deebi'uu.
- **Fakkeenya gaarii:** Teeknooloojiitti fayyadamuun karaa to'annoo qabuun adeemsa miidhaa furuu raawwachuu.

Dhiibbaa Taateewwan gaddisiisaa ta'anii/miidhaa qaban/ hir'isuuf rakkolee walqabatoo ta'aan fuuldura dhaabbachuun isaan irraa fagaachuu caalaa gargaara akkasumas adeemsa baruu fi barsiisuun naagaaf dursaa kennuun fi humna guddaadhaan gara fuulduraatti tarkaanfachuun miidhaan akka humna dhabu taasisa.



## 4.1 Shaakala Of-Too’achuu

Mala ogummaatiin alattis tooftaaleen of-too’achuuf gargaraa jiru. Tooftaaleen kunniin sammuu fi qaama tasgabbeessuuf gargaaru, namoonni dhuunfaa "Foddaa Obsuu" isaanii keessa akka turan dandeessisu. Naannoo dhiphinni itti fufee jiru keessaatti dhiphinni osoo jiruu miiraa isa gaariin to'atamuu danda'a. Yeroo hojiin miiraa ulaagaa kana caalu, namoonni dhuunfaa fedhii malee deebii "lola ykn baqachuu"tti ce'uu danda'u ykn illee "of dhoksuu" ykn irraa of fageessuutti cehuu danda'u, kunis dandeettii ifatti yaaduu fi socho'uu hir'isa. Miidhaa itti fufiinsa qabuu fi waldhabdee mirkanaa’uu dhabuu gidduuttillee of to’achuu barachuun of to’achuu fi adeemsa rakkoo furuu/fayyisuu jalqabuu keessatti murteessaadha.

Wantoonnii of to’achuu miira tasgabbeessuu fi miira nageenyaa guddisuuf kan qophaa’anidha.

**1. Shaakala Hafuura Dheeraa Baafachuu fi Galfachuu**

Hafuura dheeraa baafachuu fi galfachuun sirna narvii tasgabbeessuuf karaalee salphaa fi bu’a qabeessa ta’an keessaa isa tokkodha. Hafuura dheeraa baafachuu fi galfachuun lapheerraa hafuura dheeraa baafachuu fi galfachuun qofa osoo hin taanee hafuura dheeraa gara garaatti fudhachuu fi hafuuraa dheeraa garaa irraa baafachuu of keessaa qaba. Hafuura dheeraa baafachuun oksijiinii gara sammuutti yaa’u akka dabalu taasisa, boqonnaa akka argannu taasisa akkasumas miira keenya to’achuuf gargaara.

Furtuu waldhabdee, namoonni dhiphinni ykn miirri cimaan itti dhaga’amu yeroo hunda itti yaadanii hafuura dheeraa baafachuu shaakaluun dhiphina hir’isuuf gargaaruu danda’a. Namoonni gochaa kana ofuma isaaniitiin gochuu danda’u, keessumaa yeroo yaaddoon, rifachuun ykn miirri humnaa ol ta’e isaan mudatutti yoo raawwataan bu’aa qabeessadha.

**2. Maashaalee Itti Fufiinsaa Diddiriirsuu (PMR)**

Maashaalee itti fufiinsa diddiriisuu (PMR) gareewwan maashaalee adda addaa diddiriisuu fi boqochiisuu kan of keessaa qabu yoo ta’u kunis qaamni sababa dhiphinaa irraa kan ka’e miiraa gaddaa keessa gale akka diddiriiru taasisa. Namoonni dhuunfaa naannoo waldhabdee keessa jiran hedduun keessumaa kanneen mana isaanii irraa buqqa’an baay’een osoo hin beekin gateettii ykn dugda isaanii irratti dhiphina baatanii deemu.

Maashaalee itti fufiinsa diddiriirsuun (PMR) yaaddoo hir’isuu fi hirriba fooyyessuuf faayidaa qabaachuu danda’a. Haa ta’u malee namoonni tokko tokko miidhaa ykn dhukkubbii yeroo dheeraa qabaachuu waan danda’aniif, tooftaa kana of eeggannoo fi qajeelfama ogeessaatiin yeroo danda’ametti shaakaluu qabu.

- **Haalaa mijataa argachuu:** ciisuu ykn bakka aara galfii ta’uu
- **Xiyyeeffannoo:** Xiyyeeffannoo kee gara qaama keetii fidi.
- **Cimsanii qabuu fi gadi lakkisuu (Harka Mirgaa):** Harka mirgaatiin sekondii 5-10f walitti cimsanii qabi, akka tasaa gadi lakkisi. Garaagarummaa isaa hubadhu.
- **Irra deebi’uu (Harka bitaan):** Harka bitaa keetiinis akkasuma raawwadhu.
- **Kutaa qaama gara oliis Itti fufuu:** Garee maashaalee cimsanii qabuu fi gadi lakkisuu: Kanneen akka harka ciqilee gadii, harka ciqilee olii, adda, ija/fuyyaan, a’oo, morma, gateettii, laphee, garaa, hudduu, qoma mirgaa, miila/koomee mirgaa, qoma bitaa, miila/koomee bitaa
- **Guutuu Qaama sakatta’uu:** Erga hojjettee booda, qaama kee guutuu keessa dhiphinni hafe yoo jiraate sakatta’uun gadi dhiisi.
- **Boqodhu:** Daqiiqaa muraasaaf callisii boqodhu, miirrri boqoonnaa akka sitti dhagahamu taasisi.

**3. Tooftaalee bu’uuraa (Gareen shaakaluuf Nageenya Kan Qaban)**

Tooftaalee kanaan duraa irraa bifa adda ta’ee, shaakala bu’uraa namoota dhuunfaa ykn haala garee waajjiin ta’uun shaakaluun ni danda’ama. Tooftaaleen kun namoonni yeroo wantoota irraa deebiin keessuummeessan, mirrii yaaddoo ykn dhiphinni isaan mudatu shaakala bu’uraa kana irraatti akka xiyyeeffatan gargaara.

**GAAFADHUU:** Hirmaattonni iddoo taa’anii ka’uun shaakala bu’uuraa armaan gadii akka hordofan taasisi. Sochii qaamaa duraa fi sana booda maaltu akka isaanitti dhaga’amu akka ibsan gaafadhu.Garaagarummaa hirmaattonni kaasan kamiyyuu hubadhu.

**4. Shaakala bu'uuraa 5-4-3-2-1**
Shaakalli kun namoonnii dhuunfaa naannoo isaanii wajjin deebi'anii akka wal qunnamanii fi miira rifachuu ykn addaan ba'uu hir'isuuf miira shanan armaan gadii hojii irraa oolcha.

- **Wantoota arguu dandeessu 5** – Naannoo kee ilaaluun wantoota naannoo kee keessa jiran shan maqaa dhahi.
- **Wantoota sitti dhaga'amuu/qaqqabbi dandeessu 4** – qaamaa Miira kee kan akka miila kee ykn bifa uffata keetiif xiyyeeffannoo kenni.
- **Wantoota dhaga'uu dandeessan 3** – Sagaleewwan duuba jiran kan akka simbirroota, sagalee fagoo ykn bubbee dhaggeeffadhu.
- **Wantoota urgeeffachuu dandeessaan 2** – Urgaa qilleensa keessa jiru ykn meeshaalee dhiyoo jiran irraa dhufu adda baasi.
- **Waan dhandhamuu dandeessan 1** – Yoo danda'ame bishaan unachuun ykn  Maastikaa alanfachuun miira mi'aa keessan kakaasaa.

**5. Raawwilee bu'uuraa sammuun walqabatan**
Raawwilee bu'uuraa sammuun walqabatan hubannoo qaamaa irratti xiyyeeffachuun namoonnii gara haalaa yeroo ammaatti akka deebi'aan taasisa.  Kanaafiis wantoota armaan gadiii Yaaluun ni danda'ama:

- Jabina lafa miila kee jalaa sitti dhaga'amuu.
- Dhiphinni akka gadi lakkisuuf qaama kee diriirsuu ykn sochoosuu.
- Wanta xiqqoo kan akka kattaa ykn huccuu qabachuudhaan bifni isaanii maal akka ta'e addan baasuu.

Tooftaaleen kunneen namoota bakka waldhabdee keessa jiran kanneen miiraan dhiphatan ykn dhugaa jiru irraa ka'uun walitti dhufeenya addaan cituun itti dhaga'amuu danda'u fayyadamoo taasisuu danda'u.

## 4.2 Of Kunuunsuu

Of kunuunsuun gocha namoonni beekumsaa fi odeeffannoo argataan fayyadamuun fayyaa isaanii eeggachuuf raawwataniidha. Adeemsa murtee kennuu yoo ta'u namoonnii fayyaa isaanii bifa gahumsaa qabuunii fi mijataa ta'een akka kunuunsan kan dandeessisu yoo ta'u ogeessota kunuunsa fayyaa fi hawaasummaa waliin ta'uun raawwachuun ni barbaachisa.



**Of kunuunsuun kanneen armaan gadii hammata:**

- **Filannoo haala jireenya fayya qabeessa gochuu** – sochii qaamaa gochuu fi nyaata fayya qabeessa nyaachuu
- **Amala jireenyaa fayya-dhabeessa irraa fagaachuu** – tamboo xuuxuu fi alkoolii garmalee dhuguu irraa fagaachuu
- Qorichoota ajaja ogeessa fayyaatiin kennamu fi ajaja ogeessa fayyaatiin ala ta'e itti gaafatamummaadhaan fayyadamuu
- **Mallattoolee nutti dhagahaman beekuu** – Bakka barbaachisaa ta'etti ogeessa eegumsa fayyaa waliin ta'uun mallattoolee madaaluu fi furuu
- **Of hordofuu** – Mallattoolee hammaatan ykn fooyya'an addaan baasuu
- **Of bulchuu** – Ogeessota eegumsa fayyaa waliin ta'uun yookaan kophaa ofii yookaan namoota biroo haala fayyaa walfakkaataa qaban wajjin mallattoolee dhukkubaa to'achuu

### Shaakala: Ragaa fi Gaggeessaa

**Seenaa:**
Geggeessaa hawaasaa kan ta'an obbo Daawit miidhamtootaa haasaa jibbiinsaa dhaggeeffachuudhaan miiraa baay'ee cimaa keessa seene.

**Gaaffiiwwan Marii:**

- Gosa miidhaa gahe?
- Mallattoolee miiraa/beekumsaa?
- Hojii isaa irratti dhiibbaa geessisuu?
- Dafee of kunuunsuu?
- Deeggarsa hawaasaa isaaf?

**Gaafadhuu:** Tooftaaleen of kunuunsuu namoota miidhaan irra ga'eef faayidaa qabaachuu danda'an kanneen biroo jiruu?

## 4.3 Waamicha Tarkaanfii: Gidduu-galummaa Hawaasaa

Haasaan jibbiinsaa namoota dhuunfaa fi hawaasa bal'aa irratti dhiibbaa guddaa kan qabu yoo ta'u qabsoo dhuunfaa fi nageenya waloo furuuf tattaaffii gochuun barbaachisaadha. Barnoonni xiin-sammuu hawaasaa, kan bu'aa xiinsammuu, hawaasummaa fi dinagdee haasaa jibbiinsaa fi deeggarsa jiru irratti hubannoo ijaaru, jalqabbii hubannoo hawaasaa bal'aa fi marii garee xixiqqaa, amanamaa ta'een kennamuu danda'a. Giddu-galli hawaasa irratti hundaa'e tooftaalee barbaachisoo qabeenya naannoo, gochaalee aadaa fi marsaalee hawaasaa fayyadamuun miidhaa fi qoqqoodinsa haasawa jibbiinsaa hawaasa keessatti uumamu fayyisuuf gargaaranii dha.

### Tarkaanfii Fudhachuu

**Barsiisuu fi hubannoo uumuu**


- Miidhaa haawaasa irra gahe furuuf marii hawaasaa ykn workishooppii qopheessuu.
- Akkaataa miidhaa fayyaa sammuu fi qaamaa irratti dhiibbaa geessisu irratti beekumsa qooduun, namoonni dhuunfaa muuxannoo akka qabaatanii fi deeggarsa akka argataan taasisuu.
- Bakkeewwan deeggarsa ogummaa itti argamu qorachuu fi odeeffannoon namoota barbaadaniif dhaqabamoo ta'uu isaa mirkaneessuu.

**Kan biraa maal gochuu dandeessa?**

- Jaarsolii fi gaggeessitoonni hawaasaa marii rakkoo furuu qajeelchuu keessatti gahee cimaa akka qabaataniif jajjabeessuu.
- Malawwan fayyisuu biyyaa keessaa kan akka oduu durii, muuziqaa fi walitti qabama hawaasaa kan akka buna dhuuguuf taasifamuu qindeessuu.
- Sirna waldhabdee hiikuu Naannooo Oromiyaa keessatti kan akka sirna Gadaa, Jaarsummaa fi Qaalluu ykn gochaalee naannoo biroo araaraa fi walitti hidhamiinsa hawaasummaa guddisan fayyadamuu.

# 03

# Miidhaawwan sababa Koorniyaatiin raawwatama



# Yaadota bu'uura Miidhaawwan sababa koorniyaatiin raawwatamanii (GBV)



## Qabiyyee


52 Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan hubachuu

66 Miidhaa Koorniyaa Irratti Bu'uureffatuu (GBV) fi Waldhabdee

69 Miidhaawwan Koorniyaa Irratti Hundaa'an Kan Teeknooloojiin Haala Mija'ataa Umeef (TFGBV)


## Kaayyoo Boqonnaa

***Xumura boqonnaa kanaa irratti hirmaattonni hubannoo fi beekumsa akkasumaas tooftaalee walqixummaa irraatti hojjechuuf gargaaraan fi iddoo onlaayinii, hunda hammatee fi nageenya qabu guddisuuf gargaaran ni argatu.***

Boqonnaan kun yaad-rimeewwan barbaachisoo Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan (GBV) fi Odeeffannoo sobaa koorniyaa wajjin walqabatan hubachuuf bu'uura bal'aa kan kennu yoo ta'u akkasumas qorannoowwan haala dhugaa qorachuu fi tooftaalee rakkoleen koorniyaa ittin Furamuu danda'aan kan qabuudha. Boqonnaan kun kan qindaa'e:

- Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan (GBV) waa'ee hundee isaanii fi dhiibbaa isaanii dabalatee hubannoo uumuuf yoo ta'u keessumaa haala waldhabdee irratti xiyyeeffata.
- Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan fi teknooloojiin haala isaaniif mijeessee fi dhiibbaa inni fidu qorata.
- Dhiibbaa odeeffannoo sobaa fi Odeeffannoo sobaa koorniyaan walqabatanii fi dhiibbaa cimaa isaan qaban gadi fageenyaan ni ibsa.
- Walitti dhufeenya dhimmoota kanaa fi dhiibbaa amantii, aadaa fi seera hawaasummaa gidduu jiru ni xiinxala.
- Miidhaawwan koorniyaa hambisuuf Sadarkaa adda addaatti bifa hunda giddu galeeffateen fi bu'a qabeesa ta'een tarsimoowwan hojiirra ooluu danda'an ni kenna.



## 1. SEENSA

### 1.1 Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan (GBV)

***Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan (GBV) jechi jedhu garaagarummaa saalaa dhiiraa fi dubara gidduutti hawaasummaan walqabatee jiru irratti hundaa'ee, gocha miidhaa geessisu kamiyyuu fi kan fedhii nama tokkoo malee raawwatamuu hundaa jecha hammatuudha. Inniis gochoota akka miidhaa qaamaa, saalaa ykn sammuu ykn gidirsuu, doorsisuu, dirqisiisuu fi bilisummaa dhabsiisuu fa'a kan hammatudha.***

Inniis gochoota akka miidhaa qaamaa, saalaa ykn sammuu ykn gidirsuu, doorsisuu, dirqisiisuu fi bilisummaa dhabsiisuu fa'a kan hammatudha. Gochoonni kun hawaasaan ykn nama dhuunfaan raawwatamuu danda'u. Akkuma Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii (1993) ibsutti, Miidhaawwan Sababa n dhufan walqixxummaa aangoo keessatti hundee gadi fagoo kan qabu yoo ta'u yeroo baay'ee gaheen hojii saalaa irratti hundaa'uun kan kennamuudha. Akka Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa (WHO, 2018) ibsutti miidhaa qaamaa, saalaa fi xiinsammuu ykn gidiraa akkasumas dirqisiisuu fi doorsisa ni hammata. Dubartoonni mootummoota gamtoomanii (n.d.) dabalataan miidhaan koorniyaa kun yeroo baay'ee sababoota aadaa fi duudhaa hawaasaa irraa ka'uun kan gahan akka ta'e ni ibsu. Haaluma walfakkaatuun Dhaabbnni Walqixxummaa Saalaa Awurooppaa (EIGE, 2020) Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan gochaalee miidhaa geessisan kan nama tokkoon ykn hawaasa bal'aan raawwataaman kanneen adda addaa kan hammatu ta'uu ibsa.

Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan irra caalaan isaanii dubartoota irratti kan xiyyeeffatanii fi angooo dhiirota wajjin walqixaa akka hin qabnee fi sadarkaa addunyaatti angoo gadi aanaa akka qaban yaadudhaan kan raawwatamaniidha. Aangoo fi sadarkaa dhabuun kun dubartoonni Miidhaawwan saalaaf akka saaxilaman taasisa. Garuu Miidhaawwan Sababa Saalaan raawwataman dhiiraa fi ijoollee dhiiraa umuriin isaanii gaa'ilaaf hin geenye irrattis raawwatamuu danda'a.

### 1.2 Moodeela Ikolooji i

Yeroo Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan irratti mari'annu yeroo baay'ee moodeela Ikolooji fayyadamna. Moodeelli kun Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan miidhaa qaama dhuunfaa akka ta'eetti osoo hin ta'in akka qaama sirna guddaa tokkootti hubachuuf bu'uura ni kenna. Miidhaawwan sadarkaa tokkoon tokkoon moodeela kanaa irratti ibsaman uumamuu fi deeggaramuu ykn haalii mijaa'uufi danda'a. Akka nama tokkotti miidhaawwan koorniyaa

irraatti hundaa'an kan akkamii arguu dandeenya jettanii yaadduu? Sadarkaa Hariirootti hoo? Sadarkaa gosaatti hoo? Sadarkaa hawaasaatti hoo?

Hariiroon maatii ykn hiriyoota waliin jiru nama tokko deggeruu fi miidhaa irraatti geessisuu kan danda'u yoo ta'u namni tokkoo yakka akka Raawwatuu ykn hin raawwanne isa kakaasuu danda'a. Sadarkaa hawaasaatti caasaa fi sirnoonni haala dubartootaa fi shamarran deeggaran ykn loogii isaan irratti raawwatan akkasumas namoota deggeran ykn miidhaa irraatti geessisan diriirfamuu danda'u. Sadarkaa hawaasaatti aadaa fi duudhaan hawaasaa miidhaawwan akka raawwataman fi akka yaada idilee fudhatama akka qabatan taasisuu fi itti fufsiisuu danda'u yookaan miidhaan akka hin raawwatamne taasisuu danda'au. Tokkon tokkon sadarkaa irratti Dhiraa fi dubara giduu walqixxumaan aangoo akka hin jiree ni argina.

### Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaanii fi Teeknooloojiin haalaa mijeesseef (TFGBV):

Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaanii fi Teeknooloojiin haalaa mijeesseef jechuun teknooloojiiwwan dijitaalaa fayyadamuu miidhaawwan koorniyaa irratti hundaa'uun raawwataman kan hammatu yoo ta'u kunis miidhaa saayibarii, miidhaa toora intarneetii irraatti suuraa fi viidiyoo waliigaltee malee qooduu kan dabalatudha.

### Waa'ee Saalaa irraatti Odeeffannoo Sobaa fi Odeeffannoo sobaa:

Gaaleen kun miidhaa geessisu fi gareewwan xixiqqoo irratti loogii kakaasu odeeffannoo sobaa itti yaadanii babal'isuu kan agarsiisudha. Itoophiyaa keessatti miidiyaaleen dijitaalaa seeneeffamni akkasii akka tamsa'aniif haala kan mijeessan yoo ta'u, akkasumas walqixxummaan saalaa akka hin jiraanne haala hammeesseera (UNECA, 2020; OHCHR, 2021).

## 2. MIIDHAAWWAN SABABA KOORNIYAAN RAAWWATAMAAN HUBACHUU

## 2.1 Itoophiyaa Keessatti Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan (GBV)

Itoophiyaa keessatti Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan (GBV) keessumaa naannolee walitti bu'iinsaan miidhaman keessatti dhimma guddaa ta'ee itti fufee jira. Gabaasni tibbana bahe babal'ina Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwatamaan kan mul'isu yoo ta'u tilmaamni akka agarsiisutti dubartootaa fi shamarraan naannoo akka Tigraay, Amaaraa, Affaar fi Oromiyaa keessa jiraatan keessaa %40-50 ta'an irraa yeroo walitti bu'iinsi tureetti miidhaawwan koorniyaan walqabatan raawwatamaniiru (Wilson Centre, 2024). Baankiin Addunyaa (2024) tajaajila miidhaawwan koorniyaan raawwataman hammbisuu fooyyeessuuf naannolee hedduu keessatti tattaaffii cimaan taasifamuu kan ibse yoo ta'u WHO (2023) ammoo tajaajila fayyaa hatattamaa keessatti walitti hidhuuf hojjechaa jira. Gabaasni ragaa dubartoota Mootummoota Gamtooanii bara 2023 akka mul'isutti, dubartoota Itoophiyaa umuriin isaanii waggaa 15-49 ta'an keessaa %26.5 waggaa darbe keessa miidhaan hiriyaa gaa'elaa akka isaan mudate gabaaseera. Qorannoon naannoo Amaaraa keessatti gaggeeffame (Frontiers in Global Women's Health, 2024) fi qormaata dubartoonni naannoo waldhabdee keessatti deeggarsa argachuuf mudatan kan ibsu yoo ta'u Itiyoophiyaa keessatti miidhaawwan sababaan koorniyaa raawwatamaan hundeen furuuf tajaajila bal'aa fi itti gaafatamummaan barbaachisaa ta'uu isaa hubachiiseera.



### Gosoota Miidhaawwan Sababa Koorniyaatiin Raawwatamanii

Miidhaawwan Sababa Koorniyaatiin Raawwataman (GBV) raawwii walxaxaa fi kallattii hedduu qabuu fi namoota dhuunfaa irratti sababa saalaa ykn ilaalcha koorniyaa irratti hundaa'uun miidhaawwan raawwataman kan hammatudha. Gochoonni kun bifa adda addaa qabaachuu kan danda'an yoo ta'u isaanis:

**Miidhaa Qaamaa:** Humnaan qaamaa irratti miidhaa geessisuu kan akka rukutuu, reebuu, tumuu ykn miidhaa qaamaa gosa biroo geessisuu of keessatti qabata.
***Fakkeenyaaf: Miidhaa maatii, miidhaa hiriyaa gaa'elaa (IPV) fi miidhaa qaamaa isaan biroo***

**Miidhaa Saalaa:** Hayyama malee saalqunnamtii raawwachuu ykn saalqunnamtii raawwachuuf yaaluu. Kunis gudeeddii, miidhaa saalaa fi rakkinoota sababa kaan dhufan dabalata.
***Fakkeenyaaf: Gudeeddii, dirqisiisuun/humnan saalqunnamtii raawwachuu, dirqiin sagaagaltuu taasisuu fi miidhaa saalaa biroo dabalata.***

**Miidhaa Xiin-sammuu/Miiraa:** Nageenya sammuu ykn miiraa nama dhuunfaa miidhuuf doorsisuu, sodaachisuu ykn dirqisiisuu kan of keessatti hammatudha.
***Fakkeenyaaf: Arrabsoo, salphisuu, doorsisuu fi amala namootaa to'achuu***

**Miidhaa Diinagdee:** Namni dhuunfaa qabeenya fi maallaqaa argatu to'achuu, dinagdeen namootaa namoota biroo irratti akka hirkatu gochuu agarsiisa.

***Fakkeenyaaf: Maallaqa dhorkuu, akka hin hojjenne dhorkuu ykn murtoo maallaqaa isaa to'achuu.***

**Miidhaa Aadaa/Caasaa:** Miidhaa aadaa fi duudhaa hawaasaa ykn gochaalee walqixxummaa dhabuu fi loogii saalaa irratti hundaa'e itti fufsiisan irraan gahu.
***Fakkeenyaaf: Dirqiin gaa'ela akka raawwataan taasisuu, umuriin osoo hin gahiin fuudhaa fi heeruma akka raawwatan taasisuu fi seera dhaaltummaa irratti loogii raawwatamu***

**Kittaannaa Dubartii (FGM):** Kittaannaa Dubartii jechuun kutaa qaama saalaa dubartootaa gar-tokkeen ykn guutummaatti sababa yaalaa faayyaatin ala muruu yoo ta'u umurii isaanii guutuu irraatti miidhaa qaamaa fi xiinsammuu kan geessisuudha.
***Fakkeenyonni: Kittaannaa, dhagna qabaa fi qaama saalaa irraa muruu***

**Daldala Nama:** Hojii daldala nama seeraan alaa ta'eef yeroo baay'ee kan akka hojii sagaagalummaa, hojii humnaa olii ykn miidhaa gosa biroo irraan gahuuf namootaa daldaluudha.
***Fakkeenyaaf: Daldala hojii sagaagalummaa, daldala hojjettootaa fi daldala daa'imman umriin isaanii gaa'ilaaf hin geenyee***

**Miidhaa Koorniyaa Karaa Toora Intarneetii Raawwatamu:** Miidhaan koorniyaa karaa waltajjiiwwan dijitaalaa, kan akka miidiyaa hawaasaa ykn iddoowwan toora intarneetii irratti raawwatamudha.
***Fakkeenyaaf: Miidhaa Saayibarii, arrabsoo ykn tuffii toora intarneetiin lakkifamu fi suur-sagalee salqunnamtii haloo bahuuf lakkifamuu fa'a.***

Miidhaan koorniyaa irraatti hundaa'e dubartootaa fi shamarran haala adda ta'een kan miidhu ta'us ijoollee dhiiraa umuriin isaanii gaa'ilaaf hin geenyee fi dhiirota ga'eessa ta'an dabalatee nama kamiyyuu irratti dhiibbaa uumuu danda'a. Sababni ijoon miidhaawwan Koorniyaa irratti hundaa'e qoqqodiinsi aangoo walqixa hin taane jiraachuudha. Haala Itoophiyaa keessatti gosootni Miidhaawwan koorinayaa adda addaa kun yeroo baay'ee wal-xaxaa ta'uu fi wal-cimsuudhaan marsaa miidhaa fi cunqursaa uumu. Sababoonnii Bu'uuraa miidhaawwan sababa koorniyaan raawwatamanii jiraachuu dhabuu Walqixxummaa Saalaa, Loogii fi Sirnootaa fi Hojimaata Hawaasummaa Miidhaa geessisan kan dabalatudha.



Miidhaawwan Sababa koorniyaan raawwataman garaagarummaa saalaan, loogiin fi seera hawaasummaan miidhaa geessisuun dubartoota gatii dhabsiisuu irraa kan maddu yoo ta'u kunis dubartonnii carraa barnootaa fi dinagdee keessatti hirmaannaa akka hin argannee kan taasisuudha. Yaadoleen akkanaa dhiirrii jireenyaa fi qaama dubartootaa irratti to'annoo fi olaantummaa qabu cimsuu yoo ta'u kunis babal'ina Miiidhaalee Sababa Koriniyaan raawwatamaaniif gumaacha guddaa qaba. Dabalataanis dhiibaaleen akka caarra barnootaa dhabuu, diingdee irraatti hirmaachuu dhabuu fi murtee kennuuf aangoo dhabuun miidhaaf saaxilamuun dubartootaa akka dabaluuf taasisa.

### Barteewwaan Koorniyaa Miidhaa Qaban:

Yeroo baayyee miidhaa dubartoota irratti raawwatamuuf sababni ijoon ilaalchawwan saalaa irraatti jiraniidha. Sirni aadaa yeroo baayyee dhiironni gara jabeeyyii, to'achuu kan danda'anii fi olaantummaa kan qaban ta'uu kan isbu yoo ta'u dubartoonni ammoo kan ajajaman, kan bitaman fi dhiirota akka dhiyeessitoota ta'anitti isaan irraatti hirkatan akka ta'an kan ibsudha.

Akka aadaa keenyaatti barteewwan hawaasummaa dhiiraa fi ga'eessotaaf yeroo baay'ee aangoo barsiisuu, adabuu fi to'achuu kan kennuu yeroo ta'u akkasumas aangoo sana eeguuf miidhaawwan fayyadamuu akka itti fufan taasisa.

Sabaaboonni caasawoo fi bal'aa ta'an waldhabdee, Walqixxummaan galii jiraachuu dhabuu, hanqina, xiqqeessuu fi sirna dadhabaa hojii irraa oolchuu kan dabalatudha.

## 2.2 Gahee Koorniyaa fi ilaalcha Koorniyaa akka Itoophiyaatti

Itoophiyaa keessatti gaheen koorniyaa dubartoota adda durummaan itti gaafatamummaa mana keessaa irratti kan daangeffame yoo ta'u dhiironni ammoo sochii hawaasummaa fi dinagdee bal'aa irratti bobba'u. Mammaaksawwan aadaa loogii kana calaqisiisanii fi cimsan baay'een kan jiran yoo ta'u isaanis hawaasaa keessatti hirmaannaa dubartootaa ni daangeessu. Fakkeenyaaf:

## Mammaaksawwan Afaan Amhaaraa

| MAMMAAKSAWWAN | HIIKKAA GARA AFAAN OROMOO | IBSA JECHAMICHAA |
|---|---|---|
| ሴት ልጅ ወደ ማጀት<br>ወንድ ልጅ ወደ ችሎት | Dubartoonni gara hojii mana dhiirri gara hojii alaa | Aadaa Gahee saalaa itti gaafatamummaa mana keessaa dubartootaaf ramadu, dhiirota akka hirmaattoota sochii jireenya hawaasumma keessatti ejjennoo akka qaban calaqqisiisuudha. |
| ሴት ብታውቅ<br>በወንድ ያልቅ | Dubartiin beekumsaa qabatuus dhiirri yoo bulche irraa caala | Dandeettii fi muuxannoo dubartiin qabdu ilaallachaa keessaa osoo hin galchiin ilaalcha hawaasaa angoo fi dandeettii dubartii caalaa dhiirri akka qabu ibsuudha |
| ሴትን ያመነ<br>ጉም የዘገነ | Dubartii amanuun akka duumeessa samii keessaa hammaaruuti | Ilaalcha dubartiin kan bu'aa hin abnee fi amanuuf kan ulfaatu ta'uu ibsuudha |
| ሴትና አህያ በዱላ | Dubartii fi harreen uleedhaan qajeelfamu | Ilaalcha aadaa dubartiin akkuma harreen too'atamtuutti, to'annoon ykn angoon qajeelfamuu akka qaban ibsuudha. |
| ሴታሴት | Dhaltuu | Sobaa fi hir'inaa angoo bulchuu kan ibsuudha. |
| የሴት ልጅ | Dhala Dubaraa | Amaloota Daa'imaa kan akka rakkoo uumaa, adda ta'ee, faayidaa hin qabnee ykn amala badaa fa'aa ibsuuf |
| ሴት ሲበዛ ጎምን ጠነዛ | Dubartiin baay'atee ittoo balleessiti | Dubartoonni baay'een yoo walitti qabaman hojii nyaata qopheessuu sirnaan hojechuuf xiyyeeffannoo kennuu caalaa walitti haasa'u. |



## Mammaaksawwan Afaan Tigriffaa

| MAMMAAKSAWWAN | HIIKKAA GARA AFAAN OROMOO | IBSA MAMMAAKSAA |
|---|---|---|
| ሰበይቲ<br>እንተዘይፈለጠትውን<br>ፈላጥ ትወልድ | Dubartiin beekaa dahuu dandeessii garu ofii isheetiin gonkumaa beektuu miti | Dubartiin beekaa dahuu dandeessii garuu akka beektutti hin ilaallamtu. Dubartiin namoota beekumsa qaban deessus yeroo hunda dhiirii dubartii irraa beekumsaa caalaa akka qabu ibsa. |
| ሰበይትካን ዳዊትካን<br>ኣብ ኩርኩዕትኻ | Dubartii fi Daawitiin/ kitaaba kadhaannaa/ boobaa jalatti qabatamu | Galeen kun dubartii fi kitaabnii kadhannaa (Daawiitiin) mana keessaa ka'amu akka qaban kan akeeku yoo ta'u dubaartoonnii mana turuu akka qabanii fi galmeen kadhannaa/daawitiin/ kan dhuunfaa fi hawaasaa akka hin qoodamne kan ibsuudha. |
| ሰበይቲን ኣይሰብን<br>ኣድጊን ኣይገንዘብን | Akkuma harreen qabeenyaa hin taane dubartiiniis namaa miti. | Akkumaa harree dubartiin akka namaa guutuutti kan hin ilaallamne ta'uu kan ibsu yoo ta'u jechamnii kun qabiyyee nama salphisuu, dhiirri angoo isaan irraatti akka qabu fi dubartiin akka gadii aantuu taate kan agarsiisuudha. |
| ለባም ሰበይትን ወርቂ<br>ፀድፍን የለን | Akkuma warqii qilee irraa argachuun hin danda'amne dubartii beektuu argachuun hin danda'amu. | Jecha hamaa fi duubattii hafaa ilaalchaa dandeettii fi gahumsa dubartoota xiqqeessu kan agarsiisuudha. Kuniis beekumsaa dubartii waan akka salphaatti hin argamee kan akka qilee irraa warqii barbaaduu wajjin walbira qabuun umaamaan dubartiin beekumsa horachuu yookan gamna ta'uu kan hin dandeenyee ta'uu kan ibsu yoo ta'u kun garuu sobadha. |

| | | |
|---|---|---|
| ጓል ምውላድ<br>ጉድ ምውላድ | Mucaa dubaraa argachuun abaarsa | Ilaalchaa badaa mucaa dubaraa argaachuun akkaa carraa gaarii hin taanee fi akka abaarsaati jedhudha. Innis jecha duubatii hafaa fi ilaalcha aadaa dubartootaa fi daa'imaan gatii dhabsiisuudha. |
| ጓል ዝወለደን ጨው<br>ዝነገደን ሓደ | Mucaa dubaraa argachuu fi soogiddaa daldaluun tokkoo | Ilaalchaa hamaa fi duubattii hafaa mucaa dubaaraa waan gatii hin qabne kan akka sooggidaa daldaluutiin kan walfakkeessuudha. Wabira qabiinsii kun dirqaamaa fi gatii gadii aanaa kan ibsu yoo ta'u inniis sirrii kan hin taanee fi loogummaa kan qabuudha. |
| ሰበይትን ኒሁግን<br>እናወቀጥካ | Dubartii fi Nuugiin tumamuu qabu | Yaadaa miidhaa qabuu fi dhiibbaa dubartii fi nuugiin tumamuu fi too'atamuu akka qaban ibsuu yoo ta'u ilaalchaa duubatti hafaa dubartiin to'annaa jala turuu qabdi jedhu of keessaa qaba |
| ሰበይቲ ዝሃብካያ<br>ትጥሕን በቕሊ<br>ዝሃብካያ ትቁሑም | Akkuma gaangeen waan kennameef hundaa nyaattuu dubartiin waan hundaa ni hojjetti | Gangee fi dubartii bifa faallaa ta'een walmadaalchisuun dubartiin gaaffii tokko malee hojii kennameef hundaa fudhattee akka hojjettu kan agarsiisuudha. Jechamni akkanaa dubartootaaf hojiin walqabatee dandeettii fi ogummaa isaanii osoo hin hubatiin ilaalchi gadi aanaan akka horatamu kan taasisuudha. |



## Mammaaksawwan Afaan Oromoo

| MAMMAAKSA AFAAN OROMOO | HIIKKAA AFAAN OROMOO | IBSA MAMMAAKSAA |
|---|---|---|
| **Dubartiif re'een waa balleessuuf jarjarti** | Dubartiif re'een waa balleessuuf jarjarti yookan Dubartiif re'een waa hamaa raawwachuuf saaxilamoodha | Ilaalchaa aadaa Saalaan walqabatuu dogoggorrii fi hojiin doggoongoraa dubartiin akka raawwatamuu kan ibsuudha. |
| **Shan taatus shantam taatus dubartiin mana hin ijaartu** | Shan taatus shantam taatus dubartiin mana hin ijaartu | Dubartiin dhuunfaaniis ta'ee gamtaaniis taatu kayyoo tokkoo galmaan gahuuf dandeettiii akka hin qabne kan agarsiisuu yoo ta'u ilaalchaa aadaa dubartoonnii baay'inaa qabaataniis waan guddaa galmaan gahuu akka hin dandeenye ibsuudha. |
| **Dubartiin beektuu hinqabdu beekaa deessi malee** | Dubartiin beekumsa horachuu hin dandeessu beekaa deessi malee. Dubartoonni ofii isaaniitiif beektota miti dhiira beekaa dahu malee. | Ilaalchaa aadaa koorniyaa irratti hundaa'e kan dubartiin dandeetti akka hin qabne mirkaneessu fi dhiira cimaa dahuu qofaan beekumsaaf gumaachuu kan dandeessu akka ta'e kan ibsuudha. |
| **Dubartii fi ijoollee uleen tolchan** | Dubartiifi ijoollee uleen (rukuttaan) qajeelchan yookan dubartoonnii fi ijoolleen uleedhaan sirreeffamu | Ilaalchaa aadaa saala irrati hundaa'e kan dubartootaa to'achuuf miidhaan qaamaa fi mirgaa isaanii sarbuu akka qabnu ibsuudha. |
| **Uleefi dubartiin jilbaa gaditti** | Ulee fi dubartiin jilbaa gaditti to'atamu yookan ulee fi dubartiin akka gaarittim kan to'ataman jilbaa gaditti | Ilaalchaa aadaa koorniyaa irratti hundaa'e kan dubartootaa xiqqeessuu fi humnaa to'achuu ibsuudha. |
| **Nadheeniifi faradeen galgala baddi** | Nadheeniifi faradeen galgala baddi yookan dubartii fi fardeen umurii waliin gatii isaanii gadi bu'aa deema. | Ilaalchaa aadaa koorniyaa irratti hundaa'e kan dubartoonii yeroo dulloomaan gatii akka hin qabne ibsuudha. |
| **Taa'uurra dubra dhalchuu wayya** | Dubra dhalchuun homaa hojjechuu dahuun irra wayya | Ilaalchaa aadaa koorniyaa irratti hundaa'e dubartii dahuun hoomaa hojjechuurraa akka caalu fi dhiiraa dahuun immoo baay'ee gaarii akka ta'e ibsuudha. |

**GAAFADHUU:** Hirmaattonni Itoophiyaa keessatti gaheen koorniyaa Mammaaksawwan ykn mammaaksan akkamitti akka ibsaman fakkeenya biroo ni qabuu?

Itoophiyaa keessatti Miidhaan koorniyaa irratti hundaa'e bifa adda addaatiin kan mul'atu yoo ta'u naannoo, sabaa fi afaaniin garaagarummaa qaba. Fakkeenyonni miidhaawwan koorniyaa irratti hundaa'ani fi biyyattii keessatti babal'ataan muraasni armaan gaditti dhiyaataniiru.

## 2.3 Itoophiyaa keessatti dhimmoota Dhugaa Miidhaawwan sababa Koorniyaatiin raawwatamanii (GBV)

**Dhimma 1ffaa:**
Dhiha Itoophiyaatti, saba Gumuz biratti, yeroo dubartiin tokko dahuuf jettu, hawaasni nyaata, uffata fi billaa isheef qopheessa. Sana booda gara bosonaatti deemtee daa'ima ishee kophaa ishee deessee, ofuma isheetii handhuura handhuurtii, kunis akka ciminaatti ilaalama. Yeroo gara biyyaatti deebitu godoo xiqqaan tokko isheef qophaa'ee, hanga yeroo qulqullinaatti miseensota maatii irraa adda baafamti. Yeroo kana miseensonni maatii fageenya isaanii eeggatanii nyaata isheef teechisu, qaamaan wal qunnamuu irraa of qusatu.

**Dhimma 2ffaa:**
Gaambeellaatti, saba Anyuwaak biraatti dubartiin tokko erga deessee booda waggaa tokkoof akka hir'ina qulqullinaa qabdutti fudhatama. Yeroo kana keessatti abbaan warraa ishee waliin saalqunnamtii raawwachuu hin dandeessu, abbaan mana ishees dubartii biraa fuudhee haadha manaa isaa haaraa waliin akka jiraatu ni hayyamamaaf. Gochi aadaan raggaasifame kun haadha manaa tokkoo ol fuudhuu kan jajjabeessu yoo ta'u kunis miidhaa xiinsammuu, hawaasummaa fi maallaqaa guddaa fiduu danda'a akkasumas miidhaa koorniyaa (GBV) dubartoota irratti raawwatamuuf gumaacha taasisuu danda'a.



### Gaaffiiwwan marii

Gochoonni amantii, aadaa fi duudhaa haala naannoo keessanii keessatti miidhaawwan Sababa Koorniyaatiin Raawwataniif gumaacha akkamii godhu?

- **GAAFADHU:** Hirmaattonni daqiiqaa 5 fudhachuun fakkeenyota Miidhalee Sababa Koorniyaatiin Raawwatamani lama kan mana isaaniitti ykn hawaasa isaanii keessatti argan akka barreessan.
- Gochaalee aadaa kan akka gaa'ila daa'immanii, kitaannaa dubartootaa ykn ajjeechaa kabajaa mirga dubartootaa fi shamarranii fi mirga namoomaa sarbu
- Hiikkaa amantii dhiironni dubartoota akka moo'ataniif sababa ta'an ykn miidhaan maatii akka qaqqabuu taasisaan
- Aadaa gahee koorniyaa fi ejjennoo walabummaa dubartootaa fi aangoo murtii kennuu daangessu
- Malootа aadaa rakkoon ittin furamuu ta'anii garuu barootaaf miidha koorniyaa furuu kan hin dandeenye.

**GAAFADHU:** Daqiiqaa 10 fudhachuun gochaalee aadaa haala qabatamaa miidhaa koorniyaa Itoophiyaa keessatti ibsaman irratti xiinxalaa. Gochoonni kun miidhaa fi garaagarumaan saalaa irratti hundaa'e akka itti fufuuf gumaacha akkamii godhu?

**Adda baafamuu fi Deeggarsa dhabuu:**
**Haala 1ffaa** keessatti gochi dubartii kophaa ishee daa'ima ishee akka deessuu taasisuu fi yeroo da'umsaa adda baasuun yaada dubartoonni ba'aa waan ta'aniif to'annoo jala ooluu qabu jedhu cimsa. Adda baafamuun kun dubartoonni barteewwan miidhaa qaban akka hin falmine yookan gargaars akka hin arganne kan taasisuudha.

**Akka dhaabbataatti Walqixxummaan jiraachuu dhabuu:**
**Dhimmaa 3ffaa** keessatti gochoonni aadaa abbaan manaa haadha manaa isheen jalqabaa qulqullinaa hin qabdu jedhamee kan bira akka fuudhu taasisuun walqixummaan saalaa akka dhaabbataatti jiraachuu dhabuu agarsiisa. Dubartoota gadi aanoo taasisuun haala mirgi fi nageenyi isaanii balaadhaaf saaxilamu uumuun miidhaa dabalataaf karaa saaqa.

**Marsaa Miidhaa:**
Gochoonni kun yeroo baay'ee amantaa hawaasaa bal'aa waa'ee ol'aantummaa dhiiraa fi bitamuu dubartootaa irraa kan maddanii fi kan cimsan yoo ta'an, marsaa miidhaa saalaa irratti hundaa'e raawwatamuu kan idilee ta'ee fi balleessuuf ulfaatu uuma.

**Hawaasni seeraa fi gochaalee Itoophiyaa keessatti miidhaan koorniyaa akka uumamuuf gumaachan furuu fi jijjiiruuf tooftaalee akkamii fayyadamuu danda'u?**
Barnootaa fi hubannoo uumuu, marii hawaasaa, sirna deeggarsa dubartootaa, haaromsa imaammataa fi seeraa

## 3. BU'UURAALEE SEERAA FI IMAAMMATAA MIIDHAAWWAN KOORNIYAA ITOOPHIYAA KEESSATTI

***Bu'uurri seeraa Itoophiyaa miidhaawwan koorniyaa tumaalee heera mootummaa, seera adabbii fi seera maatii kan miidhamtoota eeguu kaayyeffatuu fi yakkamtootni itti gaafatamummaa akka qabaataan taasisuun furama.***

### Heera Mootummaa FDRI
Heerri mootummaa Federaalawa Dimookiraatawaa Rippabiliika Itoophiyaa (FDRI) bara 1995 ragga'e walqixxummaan akka jiraatuu fi loogiin akka dhabamu kan ciimsuu yoo ta'u mirga namoota dhuunfaa ni kaa'a. Keewwatni 35 mirga dubartootaa fi miidhaa saalaa irraa bilisa ta'uu ifatti mirkaneessa (Heera Mootummaa FDRI, 1995). Heerri mootummaa (Keewwata 6) sadarkaa lammummaa dhiiraa fi dubartootaa walqixa ta'eef beekamtii kan kennu yoo ta'u keewwata 7 jalatti mirgi saalli dhiiraa qabu saala dubartii irrattis raawwatiinsa akka qabu kaa'a. Heerri mootummaa (Keewwata 25) seera duratti walqixxummaan saalaa akka jiru kan mirkaneessu yoo ta'u saala irratti hundaa'uun loogiin akka hin raawwatamne dhorka. Keewwatni 33 lammummaa fi fuudhaa fi heeruma kan ilaallatu yoo ta'u lammiileen Itoophiyaa saala lamaanuu lammummaa Itoophiyaa osoo hin dhabin lammii biyya alaa fuudhuu akka danda'an kan mirkaneessudha. Keewwatni 34 mirga gaa'ilaa kan ilaallatu yoo ta'u mirga walqixxummaa dubartootaa yeroo gaa'ilaa, wal hiikuu fi yeroo gaa'ilaa murtee kennuu mirkaneessa. Keewwata 34 (3) jalatti gaa'elaaf umriin xiqqaan waggaa 18 fi isaa ol ta'uu akka qabu ni ibsa.

### Seera Yakkaa
Seerri adabbii Itoophiyaa miidhaa saalaa addaa adda, miidhaa maatii fi gochaalee aadaa miidhaa geessisan dabalatee yakka akka ta'an ni kaa'a. Keewwatni 620 gudeeddii kan ilaalu yoo ta'u yakkamtootaaf adabbii cimaa kaa'e jira, keewwatni 643 ammoo kittaannaan dubartootaa yakka akka ta'e ni kaa'a.  (Seera adabbii Itoophiyaa, 2005).

### Seera Maatii
Seerri maatii Itoophiyaa dambiiwwan mirga dubartootaa fi daa'immanii haala mana keessaa eegsisan kan hammateedha. Barbaachisummaa gaa'elaaf heeyyamamaa ta'uu cimsee kan ibsu yoo ta'u miidhaa maatii furuuf mala ni kenna (seera maatii 2000).

### Imaammatawwan, Labsiiwwanii fi Foyyeeffamawwan
Itiyoophiyaan miidhaa koorniyaa irrati hundaa'e (GBV) ittisuuf imaammataa fi labsii adda addaa hojiirra oolchitee jirti. Imaammanni Dubartoota Biyyaalessaa, Qajeelfama Koorniyaa Irra Deebin bahe, kallatteessituu Biyyaalessaa Gaa'ela Daa'immanii dhaabu fi Karoorri Hojii Biyyaalessaa miidhaa Koorniyaa Irratti Hundaa'e (2016-2020) kan baastee yoo ta'u kunis bu'uuraalee seeraa cimsuu, hubannoo guddisuu fi miidhamtootaaf tajaajila deeggarsa kennuuf kan akeekedha (Ministeera Dhimma Dubartoota, Daa'immanii fi Dargaggoota, 2016).

Labsiin hojjetaa haaraa Lakk.1156/2011 bu'uura keewwata (14)'tiin bahe iddoo hojiitti namni kamiiyyuu miidhaa saalaa ykn miidhaa koorniyaa raawwachuu

fi bakka hojiitti nama kamiyyuu irraatti miidhaa qaamaa raawwachuu akka hin qabnee dhorkeera. Hojjettoonni akka Labsii 1156/2011tti miidhaa saalaa ykn koorniyaa irra gahe beeksisa malee waliigaltee isaanii addaan kutuuf mirga qabu. Kaffaltii hojii irraa ari'amuu fi beenyaa argachuufis ulaagaa ni guutu. Seerri kun hojjettoota sababa miidhaa saalaa fi koorniyaatiin beeksisa malee waliigaltee isaanii addaan kutuuf dirqamaniif kaffaltiin beenyaa ol'aanaan kaffalamuufi akka qabu ni tuma.

**Labsiin Hojjettoota Mootummaa Federaalaa Lakk.1064/2017 Keewwata 1(13 miidhaa saalaa jechuun gudeeddi ykn salqunnamtiin fedhaan ala raawwatamuu ykn gaaffii ykn jecha afaaniin ykn gochaalee qaama salqunnamtiif nama kakaasaan raawwachuu jechuun kan ibsu yoo ta'u kanneen armaan gadii ni dabalata:**

- dhungachuu, reebuu, ciniinuu ykn tuttuqaa qaamaa walfakkaataa biroo gochuu;
- gama saalqunnamtiitiin kan walqabateen miidhamaa hordofuu ykn daandii miidhamaa cufuu; fi
- qaxarrii, guddina sadarkaa, jijjiirraa, irra deebiin hojiitti bobbaasuu, leenjii, barnoota, faayidaa ykn gocha bulchiinsa humna namaa kamiyyuu raawwachuuf ykn hayyamuuf fedhii saalaa/salqunnamtii raawwachuu/ akka haal-dureetti kaa'uu.

## 3.1 Miidhaa Koorniyaa Irratti Hundaa'ee (GBV) Furuu

Itiyoophiyaan miidhaa koorniyaa (GBV) hambisuuf tooftaalee adda addaa hojiirra oolchitee jirti, kunis wiirtuuwwan bakka tokkotti murteeffaman (OSCS), networkii rifaralaa damee hedduu, deeskii koorniyaa, jalqabbii hawaasaa, appilikeeshinii moobaayilaa fi kutaalee poolisii addaa hundeessuudhani. Wiirtuun dhaabbii-tokkoo (OSC)n namoota miidhaa koorniyaa irraa hafaniif tajaajila bal'aa kan kennan yoo ta'u kanneen akka kunuunsa yaalaa, gargaarsa seeraa, rakkinoota too'achuu fi deeggarsa xiinsammuu fi hawaasummaa hunda dabalatee bakka tokko kennuudha. Dhaabbatichi Walta'iinsa guddisuu fi miidhaan koorniyaa dubartoota irra akka hin geenyeef haala gaariin eeguuf kan kaayyeeffateedha.



Akka gabaasa waggaa bara 2010 Ministeera Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii (MoWCA) irraa argameetti, bara 2008 fi 2009 gidduutti naannoolee naannoo sadii fi magaalota federaalaa Finfinnee fi Dirree Dawaa keessatti wiirtuun dhaabbii- tokkoo (OSC) 11 hundeeffameera. Dabalataanis miidhamtoota fi gochaalee aadaa miidhaa geessisaniif hambisuuf wiirtuuleen 12 irraatti hojii deebisanii dhaabuu hojjetameera. Chaartariin Mirgootaa fi Nageenya Daa'immanii Afrikaa (Keewwata 16) Itiyoophiyaan daa'imman akka hin dararamneef, haala sukkanneessaan akka hin miidhamneef, tarkaanfiiwwan seera baasuu, bulchiinsaa, hawaasummaa fi barnootaa hordofuu akka qabdu tumameera. Dabalataanis Labsiin Lakk. 111/2016 irraatti miidhaa koorniyaa to'achuu fi hambisuuf adabbileen akka kennamuu qaban tumameera.

Heerri mootummaa Itoophiyaa keewwata 34(3) jalatti gaa'elaaf umriin xiqqaan waggaa 18 fi isaa ol akka ta'e ni ibsa. Haa ta'u malee Eegumsi heera mootummaa fi bu'uuraaleen imaammataa adda addaa naannolee murtaa'an keessattuu Oromiyaa, Somaalee fi Affaar keessatti jiraatanis, amma iyyuu kaadhimummaan gaa'elaa umurii 18 gadiitti uumamuun baramaa dha. Gochoonni kun yeroo baay'ee seera aadaa fi bartee irraa kan maddan yoo ta'u gochoonni miidhaa geessisan kanneen akka kitaannaa dubartootaa (FGM) fi miidhaa saalaa bu'uuraa godhachuun raawwataman. Gochoonni kun mirga shamarran xixiqqoo kan sarban yoo ta'u dafanii akka ulfa'aniif kan saaxilan taasisuun miidhaan fayyaa akka dabalu taasisaa, kanaafuu carraan miidhaan fi loogii isaan mudachuu guddaadha.

Dhaabbileen miti mootummaa Itoophiyaa keessatti tattaaffii mootummaan Giddugala Dhaabbata Tokko (OSC) fi dhaabbilee deebisanii dhaabuu namoota miidhaa koorniyaa irraa hafan hundeessuuf taasisaa jiru deeggaruun gahee olaanaa bahaniiru. Bara 2014 mootummaan dhaabbata UNICEF waliin ta'uun OSC magaalaa Dasee keessatti kan eebbise yoo ta'u kunis deeggarsa yaalaa, seeraa fi xiinsammuu fi hawaasummaa dabalatee tajaajila hunda hamate kan kennuudha. Haaluma walfakkaatuun bara 2012tti UNFPAn Hospitaala Rifaralaa Yunivarsiitii Dillaa mootummaa Naannoo sabaa fi sablamoota Itoophiyaa keessatti OSCn akka hundeeffamu gargaareera, kunis tajaajilli namoota miidhaa koorniyaa irraa hafan akka sirraa'u taasiseera. Tigraay keessatti dhaabbanni mootummoota gamtoomanii bakka da'oo dubartoota miidhaa koorniyaa irraa hafaniif ta'u hundeessuun mana jireenyaa nageenya qabuu fi deeggarsa kenneera. Kaka'umsawwan kunneen Itoophiyaa keessatti miidhaa koorniyaa furuu keessatti dhaabbilee miti mootummaa fi mootummaa gidduutti tumsi murteessaa ta'e jiraachuu kan mul'isudha.

## MIIDHAA KOORNIYAA IRRATTI BU'UUREFFATUU (GBV) FI WALDHABDEE

***Miidhaan koorniyaa irratti bu'uureffatuu (GBV) yeroo baay'ee yeroo waldhabdee ykn waraanaa ni hammaata, kunis uummata saaxilamoo ta'an irratti dhiibbaa guddaa geessisa. Itoophiyaa keessatti walitti dhufeenyi waldhabdee fi miidhaa koorniyaa rakkoo hamaaf namoota saaxila.***

**Walitti dhufeenya miidhaa koorniyaa Irratti Bu'uureffatuu fi Waldhabdee gidduu jiru**

Miidhaan koorniyaa irratti bu'uureffatuu fi waldhabdeen baay'ee kan walqabatan yoo ta'u waldhabdeen irra deddeebii fi cimina miidhaa koorniyaa kan dabalu ta'ee, dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaa fi namoota dullooman irratti dhiibbaa guddaa geessisa. Walitti hidhamiinsi baay'inaan beekaman kanneen armaan gadiiti:-

- **Saaxilamummaan Dabaluu:** Waldhabdeen caasaa hawaasummaa jeeqa, sababa buqqa'iinsaa fi deeggarsa dhabuutiin miidhaan koorniyaa irratti bu'uureffatuu dubartootaa fi daa'imman biratti akka dabalu taasisa (Dubartoota Dhaabata Mootummoota Gamtoomanii, bara 2013).
- **Meeshaa Waraanaa:** Gareen hidhatan yeroo baayyee miidhaa saalaa akka tooftaa to'annoo fi hawaasa keessatti sodaa uumuutti fayyadamu (Dubartoota Dhaabata Mootummoota Gamtoomanii, Bara 2013).
- **Buqqa'iinsa:** Waldhabdeen hidhannoo buqqa'iinsa jumlaa fida, keessumaa dubartootaa fi shamarran kaampii baqattootaa/ bakkaa nageenyyi waaraan hin jirre keessa jiran miidhaaf akka saaxilaman kan taasisuudha (UNHCR, Bara 2012).






### **4.1 Qo'annoo dhimmaa:** Waldhabdee Itoophiyaa Keessatti haala miidhaa Koorniyaa irratti bu'uureffatee (GBV)

Qabiyyee: Walitti bu'iinsi Itoophiyaa keessattuu Tigraay, Amaaraa fi Oromiyaa keessatti mudate miidhaan koorniyaa irratti bu'uureffate (GBV) haalaan akka dabalu taasiseera. Keessumaa dubartoonnii fi shamarran miidhaa koorniyaa, miidhaa maatii fi daldala namaatiif saaxilamoo kan ta'an yoo ta'u taateen kun sababa waraanaan muudateera.

Cuunfaa Dhimmaa: Gudeeddii/Miidhaa Saalaa: Dubartiin waggaa 25 fi buqqaatuun maqaan ishee Tirhaas jedhamtu kaampii baqattootaa keessatti namoota hidhataniin rukutamte. Naannolee kanneen keessatti meeshaa waraanaa fayyadamuun dirqiin gudeedun/miidhaan saalaa geesisuusn raawwatamaa ture.

Miidhaa Maatii: Haadha ijoollee sadii kan taate Faaximaan sababa waldhabdee kanaan abbaan warraa ishee dhiphina dinagdee fi miiraa wajjin wal'aansoo walqabaa waan jiruuf miidhaan mana keessaa dabaluudhaan rakkachaa jirti.

Tajaajila Argachuu: Namoonnii middhaan irraa gahe sababa barbadaa'uu dhaabbilee tajaajilaa hawaasummaa fi rakoolee haawasummaa gara garaatin deeggarsa yaalaa fi xiinsammuu argachuuf gufuu isaan mudata.

Dhimmi kana keessatti naannoowwan waldhabdee Itoophiyaa keessatti hatattamaan miidhaa koorniyaa irratti bu'uurefateef deebii qindoominaan kennuun/rakkoo furuun barbaachisaa yoo ta'u hubannoo fi raawwii bu'a qabeessa ta'een dubartootaa fi shamarran eeguun baay'ee barbaachisaadha.

### Gaaffiiwwan Marii

Walitti bu'iinsaa fi tasgabbii dhabuun Itoophiyaa keessatti miidhaa koorniyaa akkamiin dabala?

- Buqqa'uu, caasaan hawaasummaa barbadaa'uu, meeshaalee waranaa fayyadamuun humnaan gudeeduu.

Namoonni miidhaan koorniyaa irratti bu'uureffate irra gahe yeroo waldhabdee tajaajila deeggarsa argachuuf gufuuwwan maaltu isaan mudachuu danda'a akkasumas gufuuwwan kun adeemsaa dandamachuu isaanii irratti dhiibbaa akkamii geessisu

- Dhaabbileen yaalaa ni barbadaa'u, tajaajilli hawaasaa dhaabbachuu fi deeggarsa xiinsammuu dhabuu
- **DABALATA:** Hirmaattota garee xixiqqootti qooduun waraqaa irratti "kaartaa danqaa/barrier map" akka kaasaniif gaafadha. Tokkoon tokkoon garee gufuulee namoota miidhaman mudatan tarreessuun karaalee furmanni itti argamu irratti mari'achuu qabu. Sana booda gareewwan kaartaawwan isaanii waliif qooduu qabu.

Yeroo waldhabdee dubartootaa fi ummata saaxilamoo ta'an miidhaa koorniyaa irraa haala gaariin eeguuf imaammataa fi bu'uuraaleen seeraa akkamitti fooyya'uu danda'u?

- Hirmaattonni saanduqa keessaa ba'anii akka yaadan jajjabeessuu.

Hawaasni, dhaabbileen miti mootummaa fi dhaabbileen mootummaa haala waldhabdee keessatti namoota miidhaan koorniyaa irra gahe deeggaruuf tarkaanfiiwwan qabatamaa akkamii fudhachuu danda'u?

- Deeggarsa hatattamaa (fkn tajaajila deeggarsa hatattamaa, eegumsa seeraa, mana jireenyaa fi qubsiisuu) fi tarsimoowwan yeroo dheeraa (fkn sagantaalee dinagdee humneessuu) hubannoo keessa galchuu.

**GAAFADHU:** Daqiiqaa 5-10 fudhachuun deeggarsawwan kam fayyadamuun namoota miidhaman deeggaruun akka danda'amu sammuutti yaadaa, qabxiilee duraan beektan ykn haaraa tokko tokko ilaalcha keessaa galchuu.



# 5. MIIDHAAWWAN KOORNIYAA IRRATTI HUNDAA'AN KAN TEEKNOOLOOJIIN HAALA MIJA'ATAA UMEEF (TFGBV).

## 5.1 Hiikaa fi Gosoota

***Miidhaa koorniyaa teeknoolojiin haala mijeesseef (TFGBV) jechuun gocha Miidhaa saalaa irratti hundaa'e raawwachuuf teeknooloojiiwwan dijitaalaa fayyadamuu agarsiisa. Bifa adda addaa qabaachuu danda'a, isaanis:***

- **Saayibarii Fayyadamun:** Irra deddeebiin toora intarneetii irratti to'annoo, hordoffii taasisuun nama dhuunfaa tokko rakkisuudha.
- **Fakkii ykn suuraa waliigaltee malee qooduun:** Suurawwaan/ Fakkiwaan fi viidiyoo walitti dhiyeenyaa ykn dhuunfaa hayyama nama Sanaa malee raabsuu.
- **Doorsisaa toora intarneetii:** Doorsisaa, jecha arrabsoo fi gosoota miidhaa biroo irratti xiyyeeffachuun waltajjiiwwan/ pilaatfoormota dijitaalaa irratti gadi lakkisuu.
- **Sobawwan Gadi Fagoo/deep fakes:** Miidiyaa namtolchee fayyadamuun (kan akka suuraa ykn viidiyoo qindaa'e) uumuu fi tamsaasuun namoota dhuunfaa rakkisuu, salphisuu ykn saaxiluu.
- **Soba maxxansuu/Doxing:** Odeeffannoo dhuunfaa ykn eenyummaa nama dhuunfaa karaa hamaan toora intarneetii irratti maxxansuu.

## 5.2 Teeknooloojiiwwan Dijitaalaa Miidhaa Koorniyaa Irrati Bu'uureffate Babal'isuu Isaanii

Teeknooloojiiwwan dijitaalaa saffisaan Guddachuun Miidhaa koorniyaa akka babbal'atuuf karaa haaraa kan bane yoo ta'u miidhaa raawwatan waltajjiiwwan onlaayinii/online platforms/ gara garaa haala eenyummaan fayyamtootaa hin beekamneen miidhamtoota irratti salphaatti miidhaan akka gahu taasiseera. Qabiyyeen dijitaalaa dhaabbataa ta'uun isaa miidhaa namoota dheeressuu kan danda'u yoo ta'u miidhaan koorniyaa irratti bu'uureffate kan teeknoolojiin haala mijeesseef (TFGBV) ammoo ragaa walitti qabuu fi dhiimmoota irraatti seera kabachiisuuf adeemsi walxaxaa akka uumamu taasisa. Miidhaan toora intarneetii akka malee baay'achuun isaa miidhamtootaaf haqummaa argamsiisuu fi gargarsaa gochuun akka cimu taasiseera.
Waldhabdee Itiyoophiyaa keessatti

adeemsifamaa jiru keessatti miidhaan koorniyaa kan teeknooloojiin haala mijeesseef (TFGBV) dubartootaa fi gareewwan xixxiqqo ta'an irratti dhiibbaa guddaa qaba. Aktiivistoonni fi gaazexeessitoonni toora intarneetii irratti rakkina, suuraa heeyyama malee qooduun fi sobawwan gadi fagoo/deep fakes/ fayyadamuun raakkinni maqaa isaanii baduu isaan muudateera. Akkuma seenaa gaazexeessituu dubaraa viidiyoo sobaa irratti xiyyeeffate irratti hojjetame irraa arginu (Amnesty International, 2021). Tooftaaleen kun saaxilamummaa kan dabalan fi mormii kan ukkaamsan yoo ta'u dubartoota hedduun doorsisa toora intarneetii irratti raawwatamuun Miidhaa isaan irraa gaheera. (Humna Rights Watch, 2022). Dubbiin sobaa fi haleellaan qaamaa dubartoota irratti raawwatamus galmaa'ee jira (UN Women, 2020). Itoophiyaa keessatti Dhimmoota kana furuun iddoowwan dijitaalaa nageenya qaban uumuu fi walqixxummaa saalaa guddisuuf murteessaadha.

## 5.3 Odeeffannoo Sobaa Koorniyaa

Odeeffannoo sobaa fi Odeeffannoo sobaa koorniyaa kan agarsiisu odeeffannoo sobaa ykn dogoggoraa itti yaadanii babal'isuun ilaalchaa aadaa fi loogii saalaa miidhaa geessisu cimsu agarsiisa. Seenaawwan kun bifa hedduu qabaachuu danda'u, waa'ee dandeettii fi gahee dubartootaa hawaasa keessatti qaban miidhaa xiqqaa irraa kaasee hanga ilaalcha saalaa irratti hundaa'e miidhaa geessisu itti fufsiisuutti.

Wanti guddaan odeeffannoon sobaa ifatti qabiyyee saalaa dubartoota irratti xiyyeeffate qofa irratti kan daangeffame miti. Akkasumas karaa caalaatti hin ibsamneen wantoonni akka gareewwan kanneen seeneffama miidiyaa keessaa hambisuu ykn dhiibuu ykn gahee saalaa akkataa aadaa fi duudhaatiin itti fufsiisuu mul'achuu danda'a.

### Shaakala: Itiyoophiyaa Keessatti Haala Odeeffannoo Sobaa Koorniyaa Irraatti Xiyyeeffate

Itoophiyaa keessatti jijjiirama odeeffannoo sobaa saalaa irratti mul'atu caalaatti hubachuuf fakkeenyota seera amantii, aadaa fi hawaasummaa keessatti hundee qaban adda baasuu fi xiinxaluu.

**Kanneen armaan gadii haa ilaallu:**

- Seenaawwan ykn sheekkoowwan olaantummaa qaban maal faatu itti fufe, kan itti fufu yoo ta'e gahee saalaa, ejjennoo fi jijjiirama aangoo wajjin akkamitti wal qabatan?
    - *Gaheen isaanii hojii biyya keessaa qofa irratti kan daangeffame ta'uu agarsiisa*
    - *Amalli dubartootaa duudhaa naamusaa aadaa cimsee hordofuu qaba kan jedhu yeroo baayyee bilisummaa fi hirmaannaa jireenya hawaasaa keessatti daangeffameef sababa ta'a.*
    - *Seenaawwan sabaa fi sablammoota ykn amantii keessumaa dubartoota, akka nama alaatti agarsiisuudhaan ykn walitti hidhamiinsa hawaasummaaf balaa ta'anitti agarsiisuudhaan gumaacha ykn mirga isaanii hir'isan (gareewwan xixiqqaa dhiibuu)*
- Duulli odeeffannoo sobaa koorniyaa kun akkamitti tamsa'aa jira akkasumas karaaleen dijitaalaa fi toora intarneetii ala jiran maal fa'aa?
    - *GAAFADHUU: Fakkeenyota kennaman fayyadamuun, barreeffamoota dubartoota irratti xiyyeeffatan ykn kanneen akka miidhaa koorniyaatin walqabachuu danda'an maal fa'a akka ta'an ibsaa. Marii kana booda barreeffamoota sanaaf ilaalchi keessan maali?*
- Dhiibbaan seeneffamawwan kun dubartoota, namoota fi gareewwan biroo hawaasa keessanii irratti fiduu danda'u maali?
    - *Ilaalchii hamaa namoota aadaa irraa maqan dhiibuu, tuffachuu fi miidhaawwan aadaa irraa maddan akka dabalu taasisuu danda'a.*
    - *Odeeffannoon sobaa miidhaa koorniyaa irratti bu'uureffatanii yeroon mirkaneessu ykn gabaasuu dhabuun gara yeroo abdii kutachiisa, miidhaan aadaa akka fudhatama qabuutti ilaaluutti geessuu danda'a.*
- Dhiibbaa fi Tooftaalee Miidhaa Koorniyaa/Odeeffannoo sobaa Ittisuu Danda'an irratti mari'achuu
    - *Dhiibbaa ijoo: Qoqqoodinsa hawaasummaa dabaluu, walqixxummaa saalaa miidhuu, Miidhaa fi doorsisa kakaasuu*
    - *Tooftaalee: hubannoo miidiyaa dabalauu, odeeffannoo sirrii ta'e beeksisuu, duula miidiyaa dijitaalaa fi hawaasummaa, jijjiirama imaammataa, marii hawaasaa fi workishooppii qopheessuu*

## 5.4 Walitti dhufeenya miidhaa koorniyaa irratti bu'uureffatee, Miidhaa koorniyaa irratti bu'uureffate kan teeknoloojiin haala mijeessee fi Odeeffannoo sobaa Saalaa

Miidhaan koorniyaa irratti bu'uureffate (GBV), miidhaan koorniyaa irratti bu'uureffate kan teeknooloojiin haala mijeesseef (TFGBV) fi odeeffannoo sobaa/Odeeffannoo sobaa koorniyaa dhimmoota walxaxaa, walitti hidhamanii fi adda baafamanii ilaalamuu hin dandeenyedha. Taateewwan kun uumamaan kan walqabatan yoo ta'u tokkoon tokkoon isaanii yeroo baay'ee isa kaan kan hammeessanii fi cimsaniidha.

Fakkeenyaaf miidhaan saalaa sababa fi bu'aa odeeffannoo sobaa saalaa ta'uu danda'a. Seenaawwan miidhaa geessisan dubartoota, namoota baay'inaan xiqqaa fi gareewwan dhiibaman irraatti dhiibbaa geessisuu fi gatii dhabsiisuun haala qilleensa hawaasaa miidhaan koorniyaa irartti bu'uureffate akka uumamuu fi darbees akka sirrii ta'eetii akka fudhatamu dandeessisu uumuu danda'a. Faallaa kanaatiin raawwilee miidhaa koorniyaa odeeffannoo sobaa saalaa babal'isuuf irraatti  boba'uun raawwatamuu  ni danda'u, sababiin isaas yeroo baay'ee miidhamtoota komachuu fi maqaa balleessiin waan muudatuufidha.

Haaluma walfakkaatuun, miidhaa koorniyaa irratti hundaa'e (TFGBV) kan teeknooloojiidhaan haalli mijeeffameef ittisuuf teeknooloojiiwwan dijitaalaa fayyadamuun yeroo baay'ee odeeffannoo sobaa koorniyaa saffisaan toora intarneetii irratti akka tamsa'uu fi babbala'tu kan gargaarudha. Taatonni hamaan seeneffama sobaa ykn dogoggorsaa kana fayyadamuun gareewwan xixxiqqoo ta'an irratti xiyyeeffachuu akka calissan taasiuu danda'u, kunis saaxilamummaa jeequmsaa fi miidhaa isaanii daran hidda gadi fageessa.

## 5.5 Dhimma Yaada: Itoophiyaa Keessatti Walitti Dhufeenya Miidhaa Koorniyaa Irratti Bu'uureffatee, Miidhaa Koorniyaa Irratti Bu'uureffat Kan Teeknoloojiin Haala Mijeessee fi Odeeffannoo sobaa Saalaa

**Cuunfaa Dhimmaa:**

Itiyoophiyaa keessatti falmituu mirga dubartootaa kan taate Haannaan yeroo rakkoo siyaasaa mudatutti duulli Odeeffannoo sobaa isheerratti xiyyeeffatee ture. Himannaan sobaa toora intarneetii irratti naanna'aa kan ture yoo ta'u, akka malaammaltummaa raawwattuu fi amanamummaa hin qabneetti ishee ibsa, kanaanis doorsisni fi sodaachisoon cimaa ishee irratti raawwatamaa tureera. Odeeffannoon sobaa kun sababa Miidhaa koorniyaa irratti bu'uureffate kan teeknoloojiin haalaa mijjeesseef (TFGBV) qofa osoo hin taane amanamummaa fi tattaaffii deggarsa ishee kan miidhu yoo ta'u dhiphina miiraa guddaa isheerraatti kan fiduudha.



**Gaaffii Marii:**

- Miidhaa sababa odeeffannoo sobaatiin Haannaa mudate irratti mari'adhaa.
- Odeeffannoo sobaa koorniyaa ittisuuf dhaabbileen tarkaanfii akkamii fudhachuu danda'u?

## 5.6 Tooftaalee Giddu-Galeessa Waliigala Miidha Koorniyaa Hambisan

Itoophiyaa keessatti Miidhaa koorniyaa (GBV) furuun mala kallattii hedduu qabu kan miidhaa koorniyaa ittisuu fi bu'a qabeessa ta'e fayyadamuun barbaachisadha. Tooftaalee kana haala addaa ta'een raawwilee hundaaf akka mijataan taasisuun bu'a qabeessummaa isaanii ni guddisa.

# 6. MIIDHAAWWAN KOORNIYAA IRRATTI BU'UUREFFATU ITTISUU

**Hubannoo fi barumsi** ilaalcha, aadaa, barteewwan fi amaloota miidhaa qaban jijjiiruuf hojiiwwan odeeffannoo, qunnamtii fi barumsaa haala tarsiimaawaa ta'een itti fayyadamuudha.

**Sochiin Hawaasaa** miseensota hawaasaa fi hoggantoota naannoo miidhaan koorniyaa ittiin ittifamu fi deebii kennuu irratti tarkaanfii waloo akka fudhatan hirmaachisuu, gurmeessuu fi humna kennuu of keessatti qabata.

**Fooyya'iinsi Seeraa fi Imaammataa** seerota, dambiiwwanii fi imaammata miidhaa koorniyaa ittisuu fi furmaata bu'a qabeessa ta'e kennuudhaaf bahan fooyyessuu, tumuu ykn cimsuu of keessatti qabata.

**Diinagdeen Angoomsuu** walabummaa maallaqaa fi humna murtee kennuu namoota dhuunfaa keessumaa dubartootaa fi gareewwan dhiibamanii ni dabalata

## 6.1 Mala Miidhaa Koorniyaa Irratti Bu'uureffateef Furmaata Itti Kennan

**Wiirtuu dhaabbii-tokkoo** bakka kenniinsa tajaajilaa walitti hidhame yoo ta'u namoonni jeequmsa koorniyaa irratti hundaa'een midhaman tajaajila barbaachisoo hedduu mana tokko jalatti argachuu bakka itti danda'aniidha.

**Tajaajilla eegumsa fayyaa** jechuun bu'aa fayyaa qaamaa, miiraa fi miidhaa koorniyaa furuuf deeggarsa yaalaa fi gargaarsaa xiinsammuu battalaa, yeroo gabaabaa fi yeroo dheeraa ogeeyyii fayyaa leenji'aniin kennamu jechuudha.

**Deeggarsa Seeraa** tajaajilaa fi gargaarsa adda addaa miidhamtootaaf kennamu kan hammatu yoo ta'u sirna haqaa karaa idileetiin (fkn manneen murtii, poolisii) yookan karaa al-idileetiin (fkn tooftaalee aadaa ykn hawaasaatiin) akka hubatan, akka barbaaddatanii fi akka argatan isaan gargaaruu, eegumsa akka argatan taasisua, yakkamtootni akka itti gaafataman taasiisuu fi mirga isaanii akka gaafatan gargaaruu kan hammatudha.

**Da'oo fi gargaarsa hawaasaa** namoonii miidhaan koorniyaa irraa gahee balaa hatattamaa jalaa akka miliqaniif, jireenya isaanii tasgabbeessuu fi adeemsa fayyinaa fi deebi'anii hawaasatti makamuu akka jalqaban gargaaruudhaf eegumsa, gargaarsa fi deeggarsa qabatamaa taasifamuudha.

**Mala Bulchiinsa Dhimmaa:** Mala kana keessatti ogeeyyiin leenji'an kan akka hojjettoonni hawaasummaa ykn hojjettoonni dhimmaa fedhii namoota miidhaan koorniyaa irraa gahee ni ilaalu, karoora kunuunsa dhuunfaa ni qopheessu akkasumas tajaajila adda addaa argachuu ni qindeessu kunis fayyaa, deeggarsa xiinsammuu hawaasaa, karoora nageenyaa, gargaarsa seeraa fi da'oo kennuu dabalata.

Tooftaaleen ittisaa fi furmaata kennuu malota waliigalaa miidhaa koorniyaa hambisuuf barbaachisoo ta'aniidha akkasumas jijjiirama yeroo dheeraa fi deeggarsa hatattamaa namoota midhamaniif kennuu kan kaayyeeffataniidha.



### Shaakala Qabatamaa:

**Itiyoophiyaa Keessatti Miidhaa Koorniyaa Irratti Bu'uureffate, Miidhaa Koorniyaa Irratti Bu'uureffate Kan Teeknolojiidhaan Halaa Isaaf Mijaa'e fi Odeeffaannoo Sobaa Ykn Dogongoraa Koorniyaa Furuuf Karoora Hojii Waliigalaa Baasuu**

Hirmaattonni Itiyoophiyaa keessatti Miidhaa Koorniyaa Irratti Bu'uureffate (GBV), Miidhaa Koorniyaa Irratti Bu'uureffate kan teeknolojiin haala mijjeesseef (TFGBV) fi odeeffannoo sobaa koorniyaa, haala naannoo fi maalummaa dhimmoota kanaa waliin walitti hidhata qaban ilaaluun karoora hojii kallattii hedduu qabu/multi faceted action/ ni qopheessu. qabxileen ijoo ilaalamuu qaban kanneen akka:

- Fooyya'iinsa Imaammataa fi Seeraa: Jijjiirama seeraaf bakkeewwan murteessoo ta'an adda baasuu fi tooftaalee deeggarsa hojiirra oolchuuf gargaraan ni qopheessu.
- Deeggarsa Hawaasa Irratti Hundaa'u: Duula hubannoo uumuu, jalqabbii barnootaa fi marii qooda fudhattoota adda addaa, hoggantoota amantii fi aadaa dabalatee hirmaachisu ni qopheessu.
- Tooftaalee Dijiitaalaa fayyadamuu: Gareen baay'inaan xiqqaa ta'e bakka digitaaala haala bu'a qabeessa ta'een akka argatan garagaruf leenjii hubannoo dijitaalaa fi nageenya toora intarneetii fayyadamu ni kennu.
- Wiirtuu Deeggarsa miidhamtootaa: Tajaajila deeggarsa bal'aa miidhaa koorniyaa hambisuu fi kaka'umsawwan miidhamtootaan gaggeeffaman ni qopheessu.
- Hordoffii fi Madaallii: Mala odeeffannoo walitti qabuu fi madaallii itti fufiinsa fayyadamuun dhiibbaa fi bu'a qabeessummaa too'atu diriirsuu.

**Yaadannoo Qindeessaa:** Hirmaattonni akkaataa seera amantii, aadaa fi duudhaa hawaasummaa Itiyoophiyaa ta'e dizaayinii fi raawwii gidduu-galummaawwan/sirreeffamaa kanaa irratti dhiibbaa akkamii akka qaban qeequun akka ilaalan jajjabeessaa. Mariin tooftaalee waldhabdee uumamuu danda'an keessa darbuu, tumsa ijaarsaa guddisuu fi furmaata aadaa irratti xiyyeeffate kan fedhii hawaasa adda addaa guutu mirkaneessuu irratti xiyyeeffachuu qaba.

## Waamicha Tarkaanfii

Akka hirmaattoota qajeelfama dirree hojii  kanaatti amma hawaasa keessan keessatti beekumsaa fi hubannoodhaan Miidhaa koorniyaa irratti bu'uureffatee, Miidhaa koorniyaa irratti bu'uureffate kan teknooloojiin haala mijeesseef, Miidhaa koorniyaa irratti bu'uureffatee fi waldhabdee fi odeeffannoo sobaa koorniyaan walqabataan furuuf tarkaanfii fudhachuuf barbaachisoo ta'an adda baastanii jirtu. Tooftaalee asitti ibsaman hojiirra oolchuuf haala addaa fi fedhii ummata tajaajillu waliin akka madaqsitan isin jajjabeessina. Tajaajiloonni kunis Haaromsa imaammataa leellisuu, deeggarsa hawaasaa hojiirra oolchuu, gareewwan dhiibaman hubannoo dijitaalaatiin humneessuu ykn tajaajila miidhamtoota giddu galeessa godhate deeggaruu kan dabalatu ta'uu danda'a.

Ogummaa keessan fayyadamuun jijjiiramni sirnaa akka raawwatuuf ergamtoota jijjiirama akka taatan isin gaafanna. Qooda fudhattoota adda addaa waliin tumsuu, seera hawaasummaa/aadaa miidhaa geessisan mormuu, dhageetti namoota dhimmoota kanaan baay'ee miidhamanii guddisuuf dhiibbaa uumaa. Dhiibbaan keessaan ilaalchi namootaa irra deebiin akka bocamuu fi naannoo gara garaatti caalaatti deeggarsa guddisuuf gargaaruu danda'a.

Waliin taanee egeree miidhaa koorniyaa irratti bu'uureffatee fi odeeffannoo dogoggoraa hambaa jal'ina darbee ta'e tilmaamuun ni danda'ama. Walqixxummaa saalaa, mirga namoomaa tarkaanfachiisuuf hawaasa hunda hammate, haqa qabeessa fi Miidhaa irraa bilisa ta'e toora intarneetii fi toora intarneetiin ala uumuuf waadaa haa gallu.

# Yaadannoo Qindeessaa

## Qabiyyee

78 | Leenjii Qindeessuu
78 | Sagantaa Kee Karoorfachuu
82 | Bu'uuraalee Leenjii
83 | Walgahiif Qindeessuu
86 | Yaada kennuu

## 1. LEENJII QINDEESSUU

Workishooppii milkaa'inaan dhiyeessuun qophii gahaa fi barumsaa fi guddina namootaa deeggaruuf kutannoo qabaachuu irratti hundaa'a.

Qajeelfamni kun tooftaalee, gorsaa fi gochaalee nama gargaaran of keessatti qabata.

## 2. SAGANTAA KEE KAROORFACHUU

**Qabxiilee Xiyyeeffannoo Filachuu**

Akka leenjisaa/qindessaatti gaaffilee armaan gadiitiin yaadi:

- **Xiyyeeffannaan** leenjichaa **inni jalqabaa** maal akka ta'u murteessuu.
  - ***Wanti hirmaattonni akka baratan barbaaddu tokko maali?***
    ***Xiyyeeffannaan kee adda ta'uu qaba.*** *Kaayyoo leenjichaa hima tokkoon bifa ifaa fi salphaa ta'een ibsuu yoo dandeesse galma kee qulqulleeffatteetta. Yeroo leenjii kennitu qabxii galma ta'e irraa tuquu yoo barbaade himicha ibsuu akka dandeessuu hima kana barreessi.*

- **Galma** barreeffame erga qabaattee booda gaaffilee kana hubannoo keessa galchi:
  - *Leenjichi galma ga'uu isaa mirkaneessuuf maal gochuu dandeessa?*
  - *Rakkoo maaltu uumamuu akka danda'u tilmaamtee dursitee furuuf yaaluu ni dandeessaa?*
  - *Mata dureewwan walqabatan akkamii irratti dubbachuuf qophaa'uu qabda?*
  - *Wantoonni qabiyyee sagantaatiin ala akka hin baane gochuuf dursitee seera akkamii kaa'uu qabda?*



**Yaadachiisa Erguu**

- Leenjii kanaan dura guyyaa shan dura ajandaa odeeffannoo barbaachisaa hunda of keessatti hammate hirmaattotaaf erguu:
  - *Kallattiiwwan gara bakka leenjichi itti kennamu*
  - *Yeroo sirrii leenjichi itti jalqabu fi sa'aatii meeqatti leenjichi akka xumuramu*
  - *Leenjii kana irratti mata duree fi qabxiileen akkaamii akka hammataman*

- Ulaagaaleen addaa kan akka hubannoo bu'uuraa Afaan Ingiliffaa ykn sadarkaa murtaa'e kompiitaraa fayyadamuu Hirmaattotaaf himuu.
- Guyyaa Workishoppiin guyyaa lama dura waa'ee leenjii kanaa hirmaattotaaf yaadachiisa biroo erguu.

**Qabiyyee Qopheessuu**

Leenjichi akka milkaa'uuf qabiyyee barsiiftu beekuu qabda. **Waan beeknu qofa barsiisuu dandeenya.**

Barsiisuuf qophaa'aa ta'uuf gorsa kana hordofi:

- Akkuma armaan olitti ibsame galma jalqabaa walga'ichaa irra deebi'ii ilaali. Sana booda xiyyeeffannoo kana fayyadamuun karoora barnoota leenjii sanaaf ta'u qopheessi. Maaltu akka uwwifamuu fi yeroon leenjii yoom akka ta'e adda baasuun ibsi.
- Meeshaalee hunda dubbistee akka gaariitti hubachuu kee mirkaneessi.
- Hirmaattonni gaaffii akkamii qabaachuu akka danda'an yaadiitii gaaffiiwwan kana akkamitti akka deebistu yaadi.
- Qabiyyeedhan hirmaattonni burjaaja'uu akka danda'an ilaalcha keessa galchuun karaa ittiin ibsuu dandeessu sadii qopheessi.
- Barsiisa kee fedhii fi dandeettii isaanii wajjin wal simsiisuuf sadarkaa beekumsaa fi dandeettii hirmaattotaa adda baafadhu.
- Qabiyyee viidiyoo ykn sagalee kamiyyuu fi akkaataa itti taphachiiftu kan beektu ta'uu kee mirkaneeffadhu.
- Leenjii dura mata duree fi yaada hiriyootaa fi maatii keetiif ibsuu shaakaluun yeroo baay'ee waan tokko ibsuu irratti yoo hojjettu akka salphaa siif ta'uuf si gargaara. Kanaafuu leenjii dura namoota kaan irratti shaakali kanaanis guyyaa leenjii sanatti caalaatti qophii akka taate sitti dhaga'ama akkasumas odeeffannoo gatii guddaa qabu hiriyoota kee fi miseensota maatii keetiif babal'isteetta.

**Meeshaalee Barbaachisan**

- Saganticha yommuu karoorsitu qabeenyi ykn meeshaaleen si barbaachisan maali? Yeroo leenjii itti fayyadamuu meeshalee barbaaddu kan akka Qajeelfama Dirree hojii ykn meeshaalee biroo qopheeffadhu,
- Hirmaattonni meeshaalee akkamii barbaadu? Waraqaa? Qalama? Wanti maxxanfame jiraa?

**Loojistikii Sagantichaa**

- Yeroo sagantichaaf karoorfattu galma ibsite yaada keessa galchi. Wanti hirmaattonni baratanii fudhachuu danda'an tokko qofti yoo jiraatee maal ta'a?
- Yeroo hangamii qabda, si barbaachisa? Yeroo hunda sochiin qaamaa yeroo eegamu caalaa yeroo dheeraa waan fudhatuuf yeroo gahaadhaan qopheeffadhu.
- Bakka ykn meeshaan akkamiitu jira?
- Hirmaattonni meeqa ta'u? Namoonni kan eegame caalaa baay'ee ykn kan eegame caalaa xiqqaa ta'an yoo jiraatan leenjii sana walsiimsiisuuf karoora baafadhu.
- Hirmaattonni qabxiiwwan ijoo kee hubachuu isaanii ilaaluuf yaadi.
- Xumura leenjichaa irratti qabxiilee akkamii akka haguugde fi hirmaattonni ogummaa maal akka argatan gabaabsii (daqiiqaa 5 gadi) ibsi.

Akkaataa barsiisuu akkamiitu mata duree fi dhaggeeffattoota kee wajjin caalaatti walsima? Gosoota barsiisuu adda addaa hedduu walitti makuun fayyadami

**Bifti barsiisuu** fayyadamuu dandeessan muraasni kan armaan gadiiti:

- [ ] Barumsi mata duree tokko beeksisuudhaaf mijataa dha. Barumsi daqiiqaa 30 fi isaa gadi akka ta'u godhi; waan caalaatti wal-qunnamtii qabuun ilaaluun Barumsa yommuu kennitu qabxiiwwan barbaachisoo jalqabaa fi xumura irratti gabaabsii ibsi.
- [ ] Mariiwwan barumsa booda ni gargaaru. Gaaffiiwwan banaa ta'an marii kakaasuuf gargaaran dhiyeessuuf qophaa'oo ta'i. Gaaffiin banaa ta'e deebii sirrii eeyyee/lakki hin qabu, garuu yaada ibsuu namaaf hayyama. Fakkeenyota gaaffilee banaa:



- Waan baratte hawaasa kee keessatti akkamitti hojii irra oolchuu dandeessa?
- Mata duree kam hubachuun baay'ee ulfaatadha?
- Akkaataa namoonni toora intarneetii irratti walitti dhufeenya qaban akkamitti jijjiiruu dandeenya jettee yaadda?

Yeroo baay'ee mariin yeroo eegame caalaa yeroo dheeraa waan fudhatuuf yeroo murtaa'ee dursa hirmaattootatti himi. "Amma mata duree kana irratti daqiiqaa 10f mari'anna achiis gara fuulduraatti tarkaanfachuu qabna" jechuun mala salphaa ta'uu danda'a.

- [ ] **Agarsiisni** akka gaariitti kan hojjetu wanti tokko akkamitti akka hojjettu harkaan yoo agarsiistudha. Yeroo baay'ee tarkaanfiiwwan garee fuulduratti agarsiisuudhaan ergasii tokkoon tokkoon barattootaa ofuma isaaniitiin hojjechuuf akka yaalan gochuun gaariidha. Haala kanaan hirmaattonni waan ati agarsiifte fakkeessuu danda'uu isaanii ykn naannoowwan hubachuuf gargaarsi barbaadan jiraachuu isaanii battalumatti ni hubatta.
- [ ] **Barumsi toora intarneetii** kan gargaaru yeroo leenjifamtoonni waa'ee ogummaa addaa barachuu barbaadanitti fi viidiyoo ykn sagalee fayyadamuun barachuuf gargaara ykn yeroo hojiiwwan qo'annoo (kan akka gaaffii fi deebii) adeemsa barumsaaf gargaaran raawwatamaniif gargaara.
- [ ] **Ta'uun Taphachuu** jechuun naannoo barbaachisaa ta'e keessatti ogummaa haaraa taphachuu fi yaada hirmaattota biroo irraa barachuu of keessatti qabata.
- [ ] **Hojii Garee:** Hirmaattonni hedduun yoo jiraatan hojiin garee yaada gaarii dha. Garee guddaa garee xixiqqootti qoqqoduu dandeessa, kunis caalaatti akka walqunnamanii fi salphaatti mari'achuu fi gaaffii gaafachuuf yeroo akka qabataan isaan dandeessisa. Yeroo hojii garee fayyadamtu hundatti hirmaattonni hojiiwwan xumuruuf yeroo hangamii akka qaban itti himi, yeroon xummuraa yeroo gahu akeekkachiisa daqiiqaa sadii kennuun ibsi.
- [ ] **Qo'annoowwan dhimmaa** barattoonni odeeffannoo haaraa haala qabatamaa keessa akka galchaniif gargaaruu danda'a. Daataa sana adeemsisuun haala barbaachisaa ta'een yeroo walqabsiisan walitti dhufeenya odeeffannoo sana fi qabatama jiruu akka yaadatan isaan gargaara.

## 3. BU'UURAALEE LEENJII

- [ ] Akka qindeesaatti gahee Kee Hubachuu
Haala mijeessaan muuxannoo barumsaa keessatti gahee olaanaa qaba. Wantoota barbaachisoo qindeessaan tokko gochuu danda'u keessaa tokko hirmaattootaaf haala nageenya qabuu fi tasgabbii qabu uumuudha. Hirmaattonni gaaffii gaafachuuf heeyyamamoo ta'uu qabu (gaaffi baay'ee salphaa ta'es yoo ta'e) fi deebiin isaanii sirrii ta'uu baatus dubbachuu akka danda'an beekuu qabu.

- [ ] Sagalee Sirreeffachuu
Namoonni naannoo mijataa fi baratamaa ta'e keessatti caalaatti bifa bu'a qabeessa ta'ee baratu. Ilaalcha irraa kaasee hanga filannoo jechootaa, ibsa fuulaa fi haala sagaleetti wanti hundi leenjii irratti dhiibbaa uumuu danda'a. Dheerina leenjichaatiif waan sammuu kee irratti ulfaatu hunda dhiisii waan gaarii fi deggersa gochuu irratti xiyyeeffadhu.

- [ ] Hirmaattota hirmaachisuu
Leenjii guutuu keessatti hirmaattota hirmaachisuun barbaachisaa dha. Namoonni barreeffamicha irratti yeroo hirmaatan caalaatti baratu. Karaan hirmaannaa guddisuu dandeenyu tokko gaaffii hedduu gaafachuu fi hirmaattonni hundi yaada akka kennan jajjabeessuudha.

- [ ] Leenjii To'achuu
Akka haala mijjeessaatti ati hogganaa leenjii waan taateeef leenjiin yeroo qabamee keessaatti akka raawwatamuuf too'achuuun gahee keeti. Haalota rakkisaa, hirmaattoota rakkisoo fi haalawwan hin eegamne wajjin wal'aansoo qabachuu qabda ta'a. Rakkoon jiru waan fedhe yoo ta'ees to'achuu fi bulchuun itti gaafatamummaa keeti.

- [ ] Yeroo Sirnaan Fayyadamuu
Hirmaattonni akkaataa idileetti marii gareetti kan gammadan yoo ta'u yaada fi muuxannoo isaanii qooduu barbaadu. Kanarraa kan ka'e yeroo baay'ee marii raawwachuun baay'ee salphaadha. Marii tokko dhaabanii gara sagantaa leenjii itti aanutti yoom akka ce'an beekuun barbaachisaa dha. Sagantaa irratti turuu akka qabdanii fi hirmaattonni leenjiin erga xumuramee booda caalaatti mari'achuu akka danda'an ibsuu qofaan raawwatamuu danda'a. Sochiiwwan hundaaf Hirmaattonni yeroo hangamii akka qaban dursanii himuun akka gargaaru hubadhu. Kanaaf barumsa



jalqabuu kee dura namni tokko hanga yoomiitti akka ta'e akka dubbatu itti himi. Hojii garee ykn ta'anii taphachuun dura yeroo hangamii akka qaban itti himi. Kun ergaa itti himaameen boodaa leenjiin yoo eegale sagantaan keessaan haala gaariin adeemsifama.

**HUBADHU:**

- Leenjistoonni fi dhiheessitoonni #defyhatenow waldhabdee yeroo ammaa kana ilaalchisee yaada siyaasaa qooduu hin qaban.
- Hirmaattonni falmii siyaasaa irratti bobba'uu ykn arrabsoo darbachuu hin qaban. Akka leenjisaa tokkootti gaheen kee marii yoo gara siyaasaatti garagale dhaabuu dha.
- Nama mata duree ijootiin alatti bahe dhaabuuf mirga qabda.

## 4. WALGAHIIF QINDEESSUU

- [ ] Waraqaa to'annoo ykn atteendaaansii
- [ ] Waraqaa onnachiiftuu geejjibaa (yoo barbaachisaa ta'e).
- [ ] Unka qorannoo yaada kennuu
- [ ] Unka gabaasa gochaa
- [ ] Suuraalee/viidiyoo (sanada/nama suuraa kaasu, kan sagalee waraabu).
- [ ] Pirojektara (yoo barbaachisaa ta'e).
- [ ] Waraqaa chaartii garagalfamuu fi qalama
- [ ] Hiiktoota Afaanii (yoo barbaachisaa ta'e).
- [ ] Nama yaadannoon barreessu

**Sagantaa (Guyyaa Tokko) [FAKKEENYA QOFA]**

| YEROO | MATA DUREE |
|---|---|
| 08:30 - 09:00 | Seensaa fi kaayyoo leenjii (barumsaa) ibsuu |
| 9:00 - 10:00 | Seensaa holoolaa fi oduu sobaa (barsiisaa fi marii garee xiqqaa) ibsuu |
| 10:00 - 11:00 | Midiyaa hawaasaa irraa haasaa jibbinsaa addaa baasuuf mari'achuu (hojii garee) |
| 11:00 - 11:30 | Boqonnaa Shaayii |
| 11:30 - 13:00 | Pilaatfoormii miidiyaa hawaasaa: tiwutarii, Feesbuukii, iniistaagiraamii, Yuutiyuubiii (fakkenyaa fi hojii garee) |
| 13:00 - 14:00 | Boqonnaa Laaqanaa |
| 14:00 - 14:30 | Akkamitti Sochii ykn barnootaa Raawwachuu dandeenya |
| 14:30 - 15:30 | Rakkoolee fi hubannoolee midiyaa hawaasaa cimaan akka uumamuu taasisuuf nama muudatan (yeroo marii) |
| 15:30 - 15:45 | Boqonnaa |
| 15:45 - 17:00 | Meeshaalee toora intarneetii irratti argamuu kee to'achuuf gargaaran (barnoota, agarsiisa, hojii garee) |
| 17:00 - 17:30 | Yaadaa kennuu fi kallatti fulduraa kaa'uu |



## Seensa Sagantichaa

- [ ] **Hirmaattonnii seenuu isaanii mirkaneessi**
Erga namni hundi seenee booda nama hundaaf simannaa walgahii taasisuun leenjii fi galma isaa beeksisi. Wantoota eegaman kaa'uu fi haala barbaadde uumuuf Yeroo kana fayyadamii. Leenjichi miira tasgabbaa'aa ? humna qabu? cimmaa yookan salphaa akka qabaatu barbaaddaa? miirichi to'annaa kee jala jira. Namni hundi waraqaa to'annoo/atteendaansii mallatteessuu isaa mirkaneeffachuuf gaafadhu.

- [ ] **Loojistikii**
Jalqaba workishoopii irratti yeroo muraasa fudhachuun seera tokko tokko kan akka yeroo namoonni dubbatan kabaja qabaachuu ykn qabxiilee siyaasa irratti mari'achuu dhiisuu ilaallatan baasuu. Akkasumas loojistikii irra deebi'ii ilaalu, mana fincaanii eessa akka jiru fa'a itti himuu.

- [ ] **Ajandaa Kaasuu**
Hirmaattota waliin ajandaa tokko tokkoon ilaaluu. Kaayyoo fi galma workishaoppii irra deebiin qooduu hin dagatinaa. Waan baratan caalaatti yoo hubatani caalaatti hirmaachuu danda'u.
Qabxii ijoo leenjichaa hirmaattonni hundi akka argan barreessuu dandeessa. Fakkeenyaa filannoon "Har'a waa'ee x baranna" jedhu salphaa ta'uu danda'a.

## Yeroo Sagantichaatti

- Keessattuu yaada haaraa yoo hubachiistan **waan salphaa irraa jalqabaatii gara walxaxaatti ce'aa.** Mata duree haaraa ykn qabxii ijoo itti aanutti osoo hin ce'iin dura namni hundi hubachuu isaa addaan baasi akkasumas hirmaattonni gaaffii akka gaafatan heeyyami.
- Gaaffiidhaaf yeroo kenni, garuu gaaffii fi mariin sagantichaan ala akka bahan hin godhin. Karoora kee eeguun raawwadhu.
- Xumura yeroo hundumaa irratti qabxiiwwan baay'ee barbaachisoo ta'an gabaabsii ibsi.
- Hamma danda'ametti afaan salphaatti fayyadami. Yeroo barsiisan yaadaa fi afaan ifa ta'en yoo ta'e gaariidha.

## Dalagaawwan

- Yeroo isaanii dabalatee hojii garee fi sochiiwwan biroof qajeelfama ifa ta'e kenni.
- Dalagicha maaliif akka hojjechaa jirtuu fi maal argachuun akka danda'amu ibsi.
- Duub-deebii fi muuxannoo dalagicha irraa qooduun yoo barbaachise, maal beekuu akka barbaadduu fi garichi jalqaba irratti akkamitti akka ibsuu qabu bifa ifa ta'een kaa'i. Fakkeenyaaf "Dhuma irratti miseensi garee tokko qabxiilee barumsaa ijoo sadan qooduu qaba. Kana garichaaf qooduuf daqiiqaa tokkoo ni qabda."

### 3-2-1 Sagantaa Duub-deebii

Dhuma guyyaa leenjii hunda irratti yeroo yaada kennuudhaaf oluu saganteessi. Tokkoon tokkoon hirmaattotaaf waraqaan irratti barreessan ni kennamaaf:

- Waan baratan **sadii**
- Wantoota hojii ykn jireenya isaanii keessatti itti fayyadaman **lama**
- Gaaffii hanga amma qaban **tokko**

Guyyaa itti aanutti maaltu irra deebi'amee ilaalamuu akka danda'u ilaaluudhaan gaaffilee ifa gochuuf duub-deebii kana walitti qabi akkasumas dubbisi. Yoo sagantaa guyyaa tokkoo ta'e yaada kana fayyadamuun maaltu akka gaariitti akka adeemsifamee fi yeroo itti aanutti maal jijjiiruu akka qabdu baruun leenjii fooyyessi.

## Sagantaa Cufuu

- Wanta namni hundi barate ykn ogummaa argate jettee yaaddu gabaabsii ibsi akkasumas wanta baratan jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti akkamitti hojii irra oolchuu akka danda'an gabaabsuun irratti mari'adhu.
- Himni jalqaba leenjii irratti barreessite: "Har'a x baranna." jedhu gara hima "Har'a x baranne" jedhutti jijjiiramuu akka danda'u irratti walii galuu isaanii hirmaattootaa gaafadhu.
- Garewwaan waan baay'ee faayidaa qabu jedhanii yaadan akka ibsaanii fi akka qoodan gaafadhu.
- Waan dhufaniif namootaa hundaa galatteeffadhu. Tarkaanfiiwwan itti aanan kamiyyuu yoo barbaachisaa ta'e ibsi.

## 5. YAADAA KENNUU

Leenjii booda akkaataa leenjichaa, yaada kennamee fi akkaataa leenjichi itti adeemsifame irraatti yaada keessaan kennaa. Galma jalqaba irratti taa'e galmaan geesshee? Yoo eeyyee



ta'e waan milkaa'inaaf gargaare jettu barreessi. Sagantaa addaa tokko turee? Hojmaata wanti tokko ittiin dhiyaatu turee? yeroon furtuu ta'e tureeraa?

Yoo galma hin geenye, leenjicha irra deebi'ii ilaaliitii maaltu akka dogoggora ta'e murteessi. Galmichi dhugaan kan milkeeffamuu danda'u hin turre? Leenjichi akka gaariitti karoorfamee hin turree? Hir'innii meeshalee gara garaa si muudateeraa? Barumsawwan baay'ee fayyadamtee? Yeroo itti aanutti caalaatti milkaa'ina argachuuf maal jijjiiruu dandeessa?

## TARREE QULQULLEESSUU

Xumura leenjichaa irratti kanneen armaan gadii hunda walitti qabuun gareef qoodi:

- [ ] Waraqaa to'annoo/atteendaansii mallatteeffame
- [ ] Waraqaa onnachiiftuu geejjibaa guutame (yoo barbaachisaa ta'e).
- [ ] Unka qo'annoo duub-deebii guutame
- [ ] Unka gabaasa sochii xumurame
- [ ] Suuraa viidiyoo
- [ ] Yaadannoo waraqaa chaartii garagalfamu irratti barreeffame yookan maxxanfame kamiyyuu (kan suuraa kaafamee fi kan barreeffame)
- [ ] Yaadannoo marii garee walitti qabame
- [ ] Yaada sagalee hirmaattota irraa argamu

# Hubachiisa:



# Galata:

Biyyoota Itoophiyaa, Kaameeruun, Sudaan Kibbaa, ugaandaa fi Keeniyaa keessaatti naamoota Yaada, yeroo, anniisaa gaarii fi deeggarsa kalaqaa gocha nagaa ijaaruu qabatanaa waliin walitti hidhameen #defyhatenow'dhaaf gumaacha gootan hunduu galatoomaa.

Yaadannoon Qajeelfama Dirree hojii #defyhatenow kun lammiilee Itiyoophiyaa, hawaasa caalaatti nagaa qabu uumuuf waliin hojjechaa jiraniif haa ta'u.

**Garee hojiirra oolmaa Itoophiyaa 2015-2017**

**GAREE ITOOPHIYAA**
Biruk Tagany
Meeroon Anteenaa
Chalachoo Workuu
Alam Boggaalee
Naa'ol Geetaachoo
Abrahaam Salamon
Haban Gabra'igzaabiheer

**GAREE BARLIIN**
Istiifan Koovaats
Suuzaan Beeliinghaawusen
Kaarooliin Paatriik
Seeda Seusing
Valentin Wasilew
Bileen Gabrahiwoot Dastaa

**GAREE NAAYIROOBII**
Keendi Gikunda
Daani'eel King'ori
Njoki Kariuki

#defyhatenow
https://defyhatenow.org
https://defyhatenow.org/ethiopia/
https://www.facebook.com/defyhatenowethiopia/
https://www.instagram.com/defyhatenow_ethiopia/
https://www.facebook.com/defyhatenow
https://twitter.com/defyhatenow

Dhaabbataa "Positive Peace Ethiopia" tiif galata addaa qabna, hojjettootaa piroojektichaa Itiiyoophiyaa keessatti argamaan hundaa ni galateeffanna.

*Ityoophiyaa keessatti haasaa jibbiinsaa toora intarneetii fi jeequmsaa kakaasaan ittisuuf tarkaanfii lammummaa fi dijitaalaa fudhachuun jalqabbiin karaa #defyhatenow r0g_ agency for open culture and critical transformation gGmbH, Berlin, kan eegaleemee yoo ta'u gargaarsii maallaqaa Gamtaa Awurooppaa irraa argame.*

r0g agency for open culture & critical transformation
POSITIVE PEACE | ETHIOPIA
Funded by the European Union

